# HEERA MOOTUMMAA
# RIPPABILIIKA DIMOOKIRAATAWAA
# FEDERAALAWAA ITIYOOPHIYAA

Gara Sooftii koppiitti kan Jijjiirre Abbaa Alangaa Lalisaa Milkiyaas Tarrafaa

**Labsii Lakk. 1/1987**

**Heerri Mootummaa Rippabiliika**

**Dimookiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa**

**Hojii irra**

**Ooluu isaa beeksisuuf labsii bahe**

Saboonni, sab-lammoonnii fi uumattootni Itiyoophiyaa, bakka buu'oota filatanii ergataniin Heera Mootummaa Rippabilika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa Sadaasa 29,bara 1987 kan raggaasisan waan ta'eef kan kanatti aanu labsameera.

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Labsii kun ''**Heera Mootummaa Rippabilika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa lak. 1/1987**'' jedhamee waamamuu danda'a.

2. **Hojii irra Ooluu Heerichaa**

   Heerri Mootummaa Rippabilika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa hagayya 15, bara 1987 irraa eegalee guutuumaan guutuutti hojii irra oolee jira.

3. **Yeroo Labsii Kun Itti Ragga'u**

   Labsii kun hagayya 15, bara 1987 irraa eegalee kan hojii irraa oolu ta'a.

**Finfinnee, hagayya 15, bara 1987**

**Dr. Nagaasoo Gidaadaa**

**Pirezidaantii Rippabilika Dimookiraatawaa**

**Federaalawaa Itiyoophiyaa**

## Seensa

Nuti saboonni, sab-lamoonni, uumattoonni Itiyoophiyaa:

Biyya keenya Itiyoophiyaa keessatti nageenya fulla'aa fi Dimookiraasiin wabuuma qabu akka diriiru, guddinni dinagdee fi Hawwaasummaa keenya akka ariifatu, mirga hiree keenya ofiin murteeffachuutti qabnu fayyadamnee, fedhii bilisa keenyaa, olaantummaa seeraa fi fedhii keenya irratti kan hundaa'e hawaasa siyaasa tokkoo waliin ijaaruudhaaf kutanne ka'uudhaan;

Kaayyoo kan galmaan ga'uuf mirgoonni bu'uuraa dhuunfaa, sabaa, sab-lammii kabajamuu isaanii, wal qixxummaan saalaa mirkanaa'uu isaa, aadaawanii fi amantiiwwan loogii tokko malee akka tarkaanfatan gochuun barbaachisaa fi amantaa keenya cimaa waan ta'eef;

Biyya keenya Itiyoophiyaa keessatti, aadaa boonsaa mata mata keenyaa kan qabnu, haala teessumaa lafaa kan mata-mata keenyaa qabaachaa kan turree fi kan qabnu saboonni, sab-lammoonnii fi uumattoonni dameewwanii fi sadarkaalee garaagaraa irrattii waliin taanee biyya keessa jiraachaa kan turree fi keessa kan jiraannu waan ta'eef, ilaalchaa fi faayidaa waliin horanne qabnua jenne waan amannuuf;

Carraa waliinii keenya kan gara fuula duraa kan irrattii bu'uureffamuu qabu, dogoggora walitti dhuufeenya keenyaa seenaa keenya darbe irraa dhaalle sireessuu fi faayidaa waliinii keenya guddisuu irratti ta'uu isaa fudhachuun;

Faayidaa, mirga fi bilisummaa waliinii keenya waldeggarsaan guddisuudhaaf barbaachisummaa hawaasa dinagdee tokkom ijaaruutti amanuudhan;

Dimookiraasii fi nagaa qabsoo fi wareegama gumaachineen argaman fulla'insa isaa mirkanneessuuf;

Heerri Mootummaa kun, kayyoolee fi amataawwan armaan olitti ibsineef gudunfaa akka nuuf ta'u, bakka bu'oota filannee ergineen Yaa'ii Heera Mootummaa har'a sadaasa 29, bara 1987 raggaasifneerra.

# BOQONNAA TOKKO

## TUMAALEE WALIIGALAA

### Keewwata 1

### Moggaasa Mootummaa Itiyoophiyaa

Heerri kun caaseffama Mootummaa Federaalawaa fi Dimookiraatawaa ni tuma.

Akkaatuma kanaan Mootummaan Itiyoophiyaa maqaa **''Rippaabilika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa''** jedhamuun waamama.

### Keewwata 2

### Daangaa Mootummaa Itiyoophiyaa

Daangaan Mootummaa Itiyoophiyaa Daangaawwan Mootummaa Naannoolee miseensa Federaalawaa ta'an kan of keessatti qabatu ta'ee, akka Waliigalteewwan Addunyaatti kan murtaa'edha.

### Keewwata 3

### Alaabaa Itiyoophiyaa

1. Alaabaan Itiyoophiyaa gara irraa magariisa, gidduun keelloo, jalaan diimaa ta'ee gidduu isaa irratti aasxaa biyyoolessaa ni qabaata.
   Bifti sadanuu walqixa ta'anii dalgaan taa'u.
2. Aasxaan biyyoolessaa Alaabicha irra kaa'amu saboonni, sab-lammoonni, uumattoonnii fi Amantaawwan Itiyoophiyaa walqixummaa fi tokkummaadhaan jiraachuuf abdii qaban kan calaqqisiisu ta'a.
3. Miseensonni Federaalawaa alaabaa fi aasxaa mata-mataa isaanii qabaachuu ni danda'u.
   Tarreeffama isaanii Mana marii mata-mataa isaaniitiin murteeffatu.

**Keewwata 4**
**Faaruu Biyyoolessaa Itiyoophiyaa**

Faaruu biyyoolessaa Itiyoophiyaa kaayyoowwan Heera Mootummaa kanaa fi Amantaa uumattoonni itiyoophiyaa sirna dimookiraasiitiin waliin jiraachuuf qaban,akkasumas carraa isaanii waliin gara fuulduraa kan calaqqisiisu ta'ee, seeraan murteeffama.

**Keewwata 5**

**Waa'ee Qooqaa**

1. Qooqonni Itiyoophiyaa kamiyyuu Mootummaa biratti beekama wal qixxee qabaatu.
2. Afaan Amhaara qooqa hojii Mootummaa Federaalawaa ta'a.
3. Miseesotni Federeeshinaa qooqa hojii mata-mataa isaanii seeraan ni murteeffatu.

**Keewwata 6**
**Waa'ee Lammummaa**

1. Abbaa fi Haati isaa/ishee/ yookiin Abbaa fi haadha isaa/ishee/ keessaa tokkoon isaanii lammii Itiyoophiyaa kan ta'e/taate/ lammii Itiyoophiyaati.
2. Lammiiwwan biyya Alaa Lammummaa Itiyoophiyaa argachuu ni danda'u.
3. Lammummaa ilaalchisee tarreeffamni isaa seeraan murteeffama.

**Keewwata 7**
**Akkaataa Ibsa Saalaa**

Heera kan keessatti saala dhiiraatiin kan tumame saala dubaartiis ni dabalata.

## BOQONNAA LAMA

## QAJEELTAMOOTA BU'UURA HEERICHAA

**Keewwata 8**

**Birmadummaa Uummatichaa**

1. Saboonni, sab-lammoonnii fi uummattoonni itiyoophiyaa Abbootii Aangoo birmadummaa Itiyoophiyaati.
2. Heerri mootummaa kun ibsa Abbaa Aangoo birmadummaa isaaniiti.
3. Abbaan Aangoo Birmadummaa isaaniis kan ibsamu, akka Heera kanaatti karaa bakka bu'oota isaan filatatanii fi hirmaannaa dimookiraatawaa kallattiidhaan taasisaniin ta'a.

## Keewwata 9
## Ol'aantummaa Heerichaa

1. Heerri kun seera ol'aanaa biyyattiiti. Seerri barmaatileen hojii yookiin murteen qaama Mootummaa yookiin Abbaa Taayitaa kamiyyuu Heera kanaan kan walfaalleessu yoo ta'ee raawwatamummaa hin qabaatu.
2. Lammiin, Qaamoleen Mootummaa, Dhaabbileen Siyaasaa fi waldaaleen biroo kamiyyuu, akkasumas Abbootiin taayitaa isaanii dirqama Heera kana kabachiisuu fi ittiin ajajamuu qabu.
3. Akkaataa Heera kanaan tumaameen alatti haaluma kamiiniyyuu taayitaa Mootummaa qabachuun dhorkaadha.
4. Waliigalteen Addunyaa Itiyoophiyaan raggaasifte qaama seera biyyattiiti.

## Keewwata 10

## Mirgoota Namummaa fi Dimookiraasummaa

1. Mirgoonni Namummaa fi Bilisummaa, uumama dhala namaa irraa kan maddan, kan hin cabnee fi kan hin mulqamnee dha.
2. Mirgoonni Namummaa fi Dimookiraasummaa Lammiiwwanii fi Uummattootaa ni kabajamuu.

## Keewwata 11

## Gargar Bahinsa Mootummaa fi Amantaa

1. Mootummaan fi Amantaan garaagara dha.

2. Amantaan kan Mootummaa ta’e hin jiraatu.
3. Mootummaan dhimma Amantaa keessa hin galu, Amantaanis dhimma Mootummaa keessa hin galu.

## Keewwata 12

## Akkaataa Hojii Mootummaa fi Ittigaafatamummaa

1. Hojiin Mootummaa haala Uummataaf ifa ta’een raawwatamuu qaba.
2. Filatamaan Uummataa fi Ittigaafatamaan hojii kamiyyuu Ittigaafatamummaa isaa yoo hiri’se itti gaafatama.
3. Uummatichi bakka bu’aa filate irrattii amantaa yommu dhabu, iddoo isaatii kaasuu ni danda’a. Tarreeffamni isaa seeraan murteeffama.

# BOQONNAA SADII

# MIRGOOTAA FI BILISUMMAAWWAN BU’UURAA

## Keewwata 13

## Raawwatamummaa fi Akkaataa Hiikkaa

**1.** Qaamoleen seera tuman, seera raawwachiisaanii fi Abbaa Seerummaa Mootummaa Federaalawaa fi Naannoo sadarkaa kamittuu argaman , tumaalee boqonnaa kana keessatti hammataman kabajuu fi kabachiisuuf itti gaafatamummaa fi dirqama qabu.

**2.** Tumaalee mirgootaa fi bilisummaawwan bu’uura boqonnaa kana keessatti tarreeffaman kan hiikaaman seerota mirgoota namummaa guutuu Addunyaa waliigalteewwan Mirgoota namummaa Addunyaa fi sanadoota Addunyaa Itiyoophiyaan fudhatte wajjin karaa walsimatuun ta’a.

# KUTAA TOKKO

## Mirgoota Namummaa

## Keewwata 14

## Mirga Lubbuun Jiraachuu, Nageenya Qaamaa fi Bilisummaa

Namni kamiyyuu, Namummaa isaatiin mirga Lubbuun jiraachuu, nageenya qaamaa fi bilisummaa hin tuqamnee fi hin mulqamne qaba.

## Keewwata 15

## Mirga Lubbuun Jiraachuu

Namni kamiyyuu lubbuudhaan jiraachuudhaf mirga qaba. Namni kamiyyuu adaba yakkaa ulfaataa seeraan tumameen malee lubbuu isaa hin dhabu.

## Keewwata 16

## Mirga Nageenya Qaamaa

Namni Kammiyyu qaamaa isaarra miidhaan akka hin geenye eegamuudhaaf mirga qaba.

## Keewwata 17

## Mirga Bilisummaa

1. Namni kamiyyuu dhiiras ta'e dubartiin, sirna seeraan tumameen alatti bilisummaa isaa/ishee/ hin dhabu/hin dhabdu/.
2. Namni kamiyyuu sirna seeraan tumameen alatti too'atamuu, osoo himatni itti hin dhihaatiin yookiin itti hin murtaa'iin hidhamuu hin danda'u.

## Keewwata 18

## Karaa Farra Namumaa Ta'een Qabamuun Dhorkamuu Isaa

1. Namni kamiyyuu qabiinsa yookiin adaba hammeenyaan guutame karaa farra Namummaa ta'e yookiin kan ulfina isaa salphisu irraa eegamuuf mirga qaba.
2. Namni kamiyyuu, garbummaadhan yookiin dirqamaan akka tajaajilu to'atamuu hin danda'u. kaayyoo kamifiyyu, gochi namaan daldaluu dhorkaadha.

3. Namni kamiyyuu, humnaan dirqisiisamee yookiin dirqama guutuudhaaf, hojii kamiyyuu akka hojjetu gochuun dhorkaadha.
4. Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 keessatti humnaan dirqisiisamee yookiin dirqama guutuudhaaf jechi jedhu haalawwan kanatti aanaan of keessatti hin qabatu.
   A. To'atamaan kamiyyuu yeroo to'atamee jiru akka hojjetu seeraan kan murteefamee yookiin adaba daangeffameen yommu gadilakifame hojii hojjetu kamiyyuu
   B. Namni tajaajila loltummaa kennuudhaaf sammuun isaa hin hayyamneef kamiyyuu tajaajila bakka kan kennu
   C. Lubbuu yookiin Nageenya hawaasichaatiif kan yaaddessu haali yeroo ariifachiisaan yookiin balaan yommu mudatu tajaajila kennamu kamiyyuu
   D. Hojii misooma dinagdeetii fi hawaasummaa hayyama uummata dhimmi ilaaluutiin naannichaatti rawwatamu kamiyyuu

**Keewwata 19**

**Mirga Namoota To'atamanii**

1. Namoonni yakka raawwataniiru jedhamanii to'ataman, himatni isaan irratti dhihaate fi sababni isaa tarreeffamee battalumatti afaan galuufin akka isaanitti himamuuf mirga qabu.
2. Namoonni to'ataman dubbachuu dhiisuuf mirga qabu. Jechi kennan kamiyyuu Mana Murtiitti ragummaadhaan isaan irrattii dhihaachuu akka danda'uu afaan hubachuu danda'aniin akkuma to'atamaniin battalumatti hubachiisni akka isaanii kennamu mirga qabu.
3. Namoonni to'ataman sa'aatii afurtamii saddeet keessatti Mana Murtiitti dhiyaachuuf mirga qabu. Yeroo kunis namoota bakka itti to'ataman irraa gara Mana Murtiitti dhiyaachuuf tilmaama fudhatama qabuun yeroo fudhatu hin dabalatu. Akkuma Mana Murtiitti dhiyaataniin yakka itti shakkamaniif sababni gahaan hidhaadhaaf isaan dhaqqabsiisu jiraachuun isaa addaan bahee akka ibsamuuf mirga qabu.
4. Qondaalli Poolisii yookiin seera kabachiisaan isaan to'ate, yeroo daangeffame keessatti Mana Murtiitti dhiyeessuudhaan sababa

to'atamaniif yoo hin ibsine, Manni Murtiichaa bilisummaa qaama isaanii akka kabachiisuuf gaafachuudhaaf mirga hin cabne qabu. Ta'us haqni akka hin hir'anne haalicha kan gaafatu yoo ta'e, Manni Murtichaa namni to'atamee sun to'annaa jala akka turu ajajuuf yookiin qorannaa adeemsisuuf dabalatni yeroo yommuu gaafatamu hanga barbaachisaa ta'e qofa hayyamuu ni danda'a. Manni Murtiichaa qorannaadhaaf yeroo dabalataa barbaachisu yommuu murteessu, itti gaafatamaan Abbootii Taayitaa seera kabachiisan qorannicha calalanii namichi to'atame hanga danda'ametti ariitiidhaan mana murtiitti dhiyaachuuf mirga qabu kan kabachiisu ta'uu qaba.

5. Namoonni to'ataman ofiisaarratti ragummaadhaan dhiyaachuu kan danda'u jecha amantaa akka kennan yookiin ragaa kamiyyuu akka fidaan hin dirqisiisamu. Ragaan dirqisiisuudhaan argame fudhatama hin qabaatu.
6. Namni qabame wabiidhaan hiikamuuf mirga qaba. Ta'us haallan addaa seeraan tumamaniin manni murtii wabummaa fudhachuu dhiisuu yookiin daangeffamaan hiikamuu dabalatee mirkaneessaan wabummaa gahaa ta'e akka dhiyaatu ajajuu ni danda'a.

**Keewwata 20**

**Mirgoota Namoota Himatamanii**

1. Namni himatame, erga himanni irratti dhiyaateen booda, yeroo gabaabaa malu keessatti mana murtii idileetti dhaddacha uummataaf ifa ta'etti dhagahamuudhaaf mirga qaba. Ta'us jireenya dhuunfa falmitootaa, haala hamilee uummatichaatii fi Nageenya biyyattii eeguudhaaf jecha qofa, falmichi dhaddacha cufaatiin dhagahamuu ni danda'a.
2. Himatichis, tarreeffama gahaa ta'een akka isatti himamuufi himatichas barreeffamaan argachuuf mirga qaba.
3. Himatamaan kamiyyuu, yakka ittiin himatameef falmiirra yeroo jiru, akka nama balleessaa hin qabneetti lakkaawaamuuf mirga qaba. Himata isatti dhiyaaterrattis ragummaadhaan dhiyaachuuf akka hin dirqisiifamne mirga qaba.

4. Namni himatame, ragaa isarratti dhiyaate kamiyyuu ilaaluu, ragaa isarratti dhiyaate gaafachuu, ragaa ofirraa ittisuuf isaa gargaaran dhiyeeffachuuf yookiin dhiyeessisuuf, akkasumas, ragaa baatotni isaa dhiyaatanii akka isaaf dhagahaman gaafaachuuf mirga qaba.
5. Namni himatame, abukaatoo filateen bakka bu'amuu, yookiin abukaatoo ofii dhaabbachuuf dandeettii yoo hin qabaanneefi haalli haqni itti hir'atuu danda'u ennaa mudatu, Mootummaarraa abukaatoo argachuuf mirga qaba.
6. Ajaja yookiin murtee manni murtii falmicha ilaalee kennerratti himatamaan komii yoo qabaate ol iyyata mana murtii aangoo qabutti dhiyeeffachuuf mirga qaba.
7. Falmiin afaan isaaf hin galleen ennaa adeemsisamu, baasii Mootummaatiin falmichi akka hiikamuuf gaafachuuf mirga qaba.

## Keewwata 21

## Mirga Namoota To'annaa Jala Jiranii fi Murtiidhaan Hidhamanii

**1.** Namoonni to'annoo jala jiranii fi murtiidhaan hidhaman, haallan kabajaa namummaa isaanii eeguun eegamuuf mirga qaba.

**2.** Namni hidhame kamiyyuu haadha warraa wajjin, firoota aantee, hiriyoota, gorsitoota amantiisaa, waldhaantotaafi gorsitoota seeraa isa wajjin wal quunnamuufi akka daawwatamu carraa argachuuf mirga qaba.

## Keewwata 22

## Seerri Yakkaa Booddeetti Deebi'ee Kan Hin Hojjanne Ta'uusaa

1. Namni kamiyyuu, himanni yakkaa yammuu irratti dhiyaatu, gochi ittiin himatame yeroo raawwatametti gochicha raawwachuun yookiin raawwachuu dhiisuun yakka ta'uunsaa seeraan kan tumame yoo ta'e malee, hin adabamu. Akkasumas, yeroo yakkichi raawwatametti yakkichaaf adabbii ol aanaa daangeffameen olitti adabbiin ulfaataan nama kamiyyuurratti hin murteeffamu.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsame yoo jiraatelle, gochichi erga rawwatamee booda seerri yakka bahe nama himatameef

yookiin adabameef kan fayyadu ta'ee yoo argame, seerri gocha sanaan booda bahe raawwatamummaa ni qabaata.

## Keewwata 23
## Dhoorkamuu Yakka Tokkoon Lammata Adabamuu

Namni kamiyyuu, Seera yakkaa fi sirna adeemsa Adaba seera yakkaa himatamee murtii isa dhumaatiin yakka balleessaa ta'uunsaa irratti mirkanaayeen yookiin bilisaan gadi lakkifameen, lammata hin himatamu yookiin hin adabamu.

## Keewwata 24

## Mirga Kabajaa fi Maqaa Gaarii

1. Namni kamiyyuu kabajaan Namummaa fi gaarummaan maqaan isaa akka kabajamuuf mirga qaba.
2. Namni kamiyyuu, mirga namoota biraa wajjin haala wal simuun, namummaa ofii bilisummaadhaan guddifachuuf mirga qaba.
3. Namni kamiyyuu, bakka kamittu namummaa isaatiin beekama argachuuf mirga qaba.

## Keewwata 25
## Mirga Wal-qixxummaa

Namoonni hundinuu seera duratti wal qixxeedha. Gidduusaaniitti garaa garummaan bifa kamiyyuu otoo hin godhamiin seeraan eegumsi wal qixx aataan ni godhamaaf. Akkaatuma kanaan, sanyiidhaan, sabaan, sab-lammiidhaan, bifaan, saalaan, amantiin, siyaasaan, dhufiinsa hawaasumaatiin, qabeenyaan, dhalootaan yookiin sababa ejjennoo biraatiin garaagarummaan otoo hin godhamiin na moonni hundinuu wabummaa seeraa wal qixaafi qabatamaa ta'e argachuuf mirga qabu.

## Keewwata 26
## Mirga Kabajamuufi Eegamuu Mirga Jireenya Dhuunfaa

1. Namni kamiyyuu jireenyi mataasaafi matayyummaansaa akka kabajamuuf mirga qaba. Mirgi kun sakatta'amuu mana jireenyaa, qaamaafi qabeenyasaa;

akkasumas qabeenyi qabiyyee dhuunfaasaatiin jiru mirga qabamuurraa eeggamuu of keessaa ni qaba.

2. Namni kamiyyuu, dhuunfaadhaan kan barreessuufi kan walii barreessu, xalayoonni poostaadhaan ergu, akkasumas, qunnamtiin telefoonaan, telekomunikee-shinaafi meeshaawwan elektroniiksiitiin taasisu hin tuqaman.

3. Abbootiin taayitaa Mootummaa mirgoota kana kabajuufi kabachiisuuf dirqama qabu. Seerota tarreeffamaa kan haallan dirqisiisaan ennaa uumamaniifi nageenya biyyaa yookiin naannoodhaafi nagayaa uummataa eeguu, yakka ittisuu, fayyaafi haala hamilee uummataa eeguuf yookiin kaayyoo mirgaafi bilisummaa nama biroo kabachiisuurratti hundaawaniin yoo ta’e malee, akkaataan itti fayyadama mirgoota kanaa daangeffamuu hin danda’u.

**<u>Keewwata 27</u>**

**<u>Bilisummaa Amantiifi Ilaalchaa</u>**

1. Namni kamiyyuu bilisummaan yaaduu, sammuufi amantii ni qaba. Mirgi kun, namni kamiyyuu, amantii yookiin amantee filate qaba chuu yookiin fudhachuu, amantiifi amanteesaa qofaasaatti yookiin namoota biroo wajjin ifatti yookiin matayyummaadhaan waaqeffa chuu, hordofuu, hojiirra oolchuu, barsiisuu yookiin ibsuu, of keessaa qaba.
2. Heera kana Keewwata 90(2) irratti kan ilaalame akkuma eegametti ta’ee, hordoftoonni amantii kamiyyuu dhaabbattoota barnootaafi bulchiinsa amantiisaanii babal’isuufi gurmeessuu isaan dandeessisan hundeeffachuu ni danda’u.
3. Amantii barbaade qabachuudhaaf bilisummaa namni kamiyyuu qabu, humnaan yookiin haala biraatiin dirqamsiisuudhaan, daangessuun yookiin ittisuun hin danda’amu.
4. Warraafi guddistoonni biroo akka amantiisaaniitti, barnoota naamusa gocha gaarii amantiisaanii kennuudhaan ijoolleesaanii guddifachuuf mirga qabu.
5. Mirgi amantiifi amantaa ibsuudhaa kun daangeffamuu kan danda’u, nageenya uummataa, tasgabbii, fayyaa, barumsa haala hamilee uummataa,

mirgoota bu'uuraa namoota biraa, bilisummaafi Mootummaan amantiidhaan garagara ta'uusaa mirkaneessuudhaaf seerota bahaniin ta'a.

**Keewwata 28**

**Yakkoota Namooma Irratti Raawwataman**

1. Wal ta'iinsota addunyaa Itoophiyaan raggaasifteefi seerota Itoophiyaa kan birootiin yakkoota sanyii dhala namaarratti raawwataman jedhamanii murteeffaman, keessumattuu sanyii dhala namaa balleessuu, murtii malee tarkaanfii adaba du'aa fudhachuu, dirqisiisanii nama dhoksuu, yookiin gochoota farra namoomaa namoota raawwatanirratti himanni dhiyaatu darba yerootiin hin ittifamu. Yakki kuni murteewwan qaama seera baasuunis ta'e qaama Mootummaa kamiiniyyuu baraarsaan yookiin dhiifamaan hin dabraman.
2. Kanaan armaan olitti tumame akkuma eeggametti ta'ee namoota yakkoota keewwata kana keewwata xiqqaa 1 irratti ibsaman raawwatanii addabbiin du'aa itti murtaa'eef dureen bulchiinsa biyyaattii adabbichagara hidhaa umurii guutuutti foyyeessuu ni danda'a.

**Kutaa Lama**

**Mirgoota Dimookiraasummaa**

**Keewwata 29**

**Mirga Ilaalchaafi Yaada Bilisummaadhaan Qabachuufi Ibsuu**

1. Namni kamiyyuu, dhiibbaa tokko malee, ilaalcha isatti fakkaate qabachuu ni danda'a.
2. Namni kamiyyuu, dhiibbaa tokko malee, yaadasaa ibsuuf bilisa. Bilisummaan kun, Naannicha keessattis ta'e Naannichaan alatti, daan gaan otoo itti hin godhamiin, jechaanis ta'e barreeffamaan yookiin ar tii yookiin tooftaa tamsaasaa filate kamiiniyyuu odeeffannoofi yaada kamiyyuu walitti qabuu, fuudhuufi tamsaasuu of keessaa qabaata.
3. Bilisummaan pireesiifi qunnamtii uummataa kan artii uumuu mirkanaayee jira. Keessumaayyuu bilisummaan pireesii mirgoota ar maan gadii of keessaa qaba:

(a) Qorannaan duraa bifa kamiiniyyuu kan dhoorkame ta’uusaa,
(b) Carraa odeeffannoo dantaa uummataa ilaalu argachuu.

4. Odeeffannoowwan, yaadonniifi ilaalchonni sirna dimokraatawaaf barbaachisaa ta’an, bilisaan wal keessa deddeebi’uusaanii mirkanees suuf jecha, pireesiin akka jaarmayaatti bilisummaa hojiitiifi dandeettii ilaalchota adda addaa keessummeessuu akka qabaatu eegumsi seeraa ni godhamaaf.

5. Sab-qunnamtii uummataa maallaqa Naannootiin gaggeeffamu yookiin to’annaa Mootummaa jala jiru, yaadota adda addaa keessum meessuu haala isa dandeessisuun akka qajeelfamu taasisama.

6. Mirgoonni kun daangeeffamuu kan danda’an, bilisummaan yaadaafi odeeffannoo argachuu qabiyyee yaadichaatiiniifi argama yaadichi dhaqqabsiisuu danda’uun ittifamuu hin qabu qajeelfama jedhurratti hundaa’anii seerota bahan qofaan ta’a. Nageenya dargaggootaa, kaba jaafi maqaa gaarii dhala namaa eeguudhaaf jecha, mirgoota kanar ratti ittisni seeraan tumamuu ni danda’a. Ololli waraanaa, akkasumas, ibsoonni waltajjii kabajaa namootaa tuqan seeraan kan dhoorkaman ta’u.

7. Mirgoota armaan olitti ilaalamaniin fayyadamuurratti, daangaawwan seeraan kaa’aman namni cabsee argame kamiyyuu, seeraan gaafatama.

## Keewwata 30
## Mirga Wal gahuu, Hiriira Nagayaa Gochuufi Iyyata Dhiyeeffachuu

1. Namni kamiyyuu namoota biraa wajjin ta’uudhaan, otoo meeshaa waraanaa hin qabaatiin, mirga nagayaan wal gahuu, bilisummaa hiriira nagayaa gochuufi iyyata dhiyeeffachuu ni qaba. Wal gahiiwwaniifi hiriirri nagayaa manaan alatti godhaman, iddoo sososso’anitti sochii uummataarratti rakkina akka hin uumne gochuuf yookiin wal geenyi yookiin hiriirri nagayaa ademsisamaa jiru nagayaa, mirgoota dimokrasummaatiifi hamilee uummataa akka hin tuqne eegisisuudhaaf sirnoonni barbaachisan tumamuu ni danda’u.

2. Mirgi kun nageenya dargaggotaa, kabajaafi maqaa gaarii dhala namaa eeguudhaaf, waraana kakaasuu, akkanumas ulfina namoomaa kan tuqan ibsa waltajjiitti kennaman dhoowwuudhaaf seerota bahaniin gaafatamaa ta'uurraa nama hin oolchu.

**Keewwata 31**

**Mirga Gurmaawuu**

Namni kamiyyuu, kaayyoo kamiifiyyuu, waldaadhaan gurmaa'uuf mirga 13 qaba. Ta'us, seera dhimmicha ilaalu dabruudhaan yookiin sirna Heeraa karaa seeraan ala ta'een diiguudhaaf kan hundeeffaman yookiin hojiilee tuqaman kana dhaabbattoonni gaggeessan kan dhoorkaman ta'u.

**Keewwata 32**

**Mirga Bilisummaa Naannawuu**

1. Lammiiwwan Itiyoophiyaa yookiinsi Lammiin biyya alaa biyyattii keessatti karaa seerummaa qabuun argamu kamiyyuu biyyatti keessaa iddoo filate naannawuu fi iddoo jireenyaas hundeeffachuu akkasumas yeroo barbaadetti keessaa bahuf mirga qaba.
2. Lammiin Itiyoophiyaa kamiyyuu gara biyya isaatti deebi'uuf mirga qaba.

**Keewwata 33**

**Mirga Lammummaa**

1. Lammiin Itoophiyaa kamiyyuu hayyama isaa/ishee/ ala lammuummaan isaa/ishee/ sarbamu hin danada'u. Lammiin Itiyoophiyaa gaa'illi inni/isheen/ lammii biyya biraa wajjiin raawwatu/ttu/ lammummaa isaa/ishee hin hambisu.
2. Lammiin Itiyoophiyaa kamiyyuu mirga, eegumsaa fi faayidaa lammummaan Itiyoophiyaa seeraan argamsisu argachuudhaf mirga qaba.
3. Lammiin kamiyyuu lammummaa Itiyoophiyaa jijjiirachuuf mirga qaba.
4. Waliigalteewwan Addunyaa Itiyoophiyaan raggasasiftee wajjiin karaa wal hin faallessineen seeraa fi sirna tumamu irrattii hunda'uun lammummaan Itiyoophiyaa namoota biyya alaatiif kennamuu ni danda'a.

## Keewwata 34

## Mirgoota Fuudhaafi Heerumaa Nama Dhuunfaafi Maatii

1. Dhiiraafi dubartiin umurii fuudhaafi heerumaaf seeraan murtaayera gahan sanyiidhaan, sabaan, sab-lammiidhaan yookiin amantiidhaan yookaan sababa biraan garaagarummaan otoo isaanirratti hin godhamiin fuudhuu-heerumuufi maatii hundeeffachuudhaaf mirga qabu. Raawwannaa fuudhaa heerumaa, yeroo fuudhaafi heerumni ragga'ee jiruttiifi yeroo hiikkaattis mirga wal qixa ta'e qabu. Yeroo hiikkaas seeronni mirgaafi dantaan ijoollee akka kabajamu godhan ni tumamu.
2. Fuudhaafi heerumni, hayyama bilisaafi guutuu warra wal fuudhanii irratti hundaa'a.
3. Maatiin ka'umsa bu'uura uumama hawaasaati. Hawaasichaafi Mootummaarraa eegumsa argachuuf mirga qaba.
4. Akkaataa addaan bahee seeraan tareeffamuun, fuudhaafi heeruma sirnoota amantii yookiin aadaarratti hundaa'anii raawwatamaniif seerri beekkumsa kennuuf bahuu ni danda'a.
5. Heerri kun, seera dhuunfaatiifi maatii wanta ilaaluun hayyama wal falmitootaatiin akkaataa seerota amantii yookiin aadaatiin dhim misaanii ilaalamuu hin dhoorku; tarreeffamni isaas seeraan murtaa'a.

## Keewwata 35

## Mirga Dubartootaa

1. Dubartoonni, mirgootaa fi eegumsa Heerri kun mirkaneesseen fayyadamuurratti warra dhiiraa wajjin mirga qixxee qabu.
2. Dubartoonni, akkaataa Heera kana keessatti tumameen fuudhaafi heerumarratti dhiira wajjin mirga wal qixa ta'e qabu.
3. Dubartoonni, gadi aantummaafi garaa garummaadhaan sababa ilaalamaa turaniif godaannisa seenaasaanii tilmaama keessa galchu udhaan, kunis akka sirraa'uuf tarkaanfiiwwan deeggarsaa dabalataati in fayyadamuuf mirga qabu. Kaayyoon tarkaanfiiwwan roga kanaan fudhatamanuun dirree siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeetiin, akkasumas, dhaabbatoota Mootummaafi dhuunfaa keessatti, dubartoonni dhiiraa wajjin wal

qixxummaadhaan dorgomtootaafi hirmaattota akka ta'an gochuun akka danda'amutti hubannoo addaa kennuudhaafii.

4. Dubartoonni, dhiibbaa aadaa duubatti hafaa jalaa bahuuf mirga qaban Mootummaan kabachiisuufii qaba. Seeronni, aadaafi muuxan noon dubartoota cunqursan, yookiin qaama, yookiin sammuusaanii irratti miidhaa dhaqqabsiisan, kan dhoorkamaniidha.
5. (a). Hayyama yeroo dahumsaa, kafaltii mindaa guutuu wajjin argachuuf mirga qabu. Dheerinni hayyama yeroo dahumsaa, haala hojii dubartiin sun hojjettu, fayyummaashee, nageenya daa'imichaafi maatichaa tilmaama keessa galchuudhaan seeraan murtaa'a.

   (b). Hayyamni dahumsaa, akkaataa seeraan murtaa'uun kafaltii mindaa guutuu wajjin kan kennamu, hayyama yeroo ulfaatiis dabalachuu ni danda'a.

6. Dubartoonni, karoora imaammata misoomaa, qophiifi raawwannaa pirojektoota Naannichaa, keessumaayyuu, pirojektoota dantaa dubartootaa tuqanirratti yaadasaanii haala guutuu ta'een akka kennan gaafatamuuf mirga qabu.

7. Dubartoonni, qabeenya horachuu, bulchuu, to'achuu, itti fayyadamuufi dabarsuuf mirga qabu. Keessattuu, lafaan fayyadamuu, dabarsuu, bulchuufi to'achuu ilaalchisee dhiira wajjin mirga wal qixaa qabu. Akkasumas, dhaala wanta ilaaluun, wal qixxummaan ilaala muuf mirga qabu.

8. Dubartoonni mirga qaxaramuu, guddina hojii, kafaltii wal qixxeefi soorama dabarsuuf, mirga qixxummaa qabu.

9. Dubartoonni, sababa ulfaa fi dahumsaatiin miidhaa isaanirra gahu ittisuufi fayyummaasaanii eegsisuuf kan dandeessisu, barnoota qusannaa maatii, odeeffannoofi humna argachuuf mirga qaban.

## Keewwata 36
## Mirga Daa'immanii

1. Daa'imni kamiyyuu, mirgoota kanatti aanan ni qaba:
   (a) Lubbuun jiraachuu;
   (b) Maqaafi lammummaa argachuu;

(c) Warrasaa yookiin namoota isa guddisuuf seeraan mirga qaban beekuufi kunuunsa isaaniis argachuu;

(d) Gochaawwan aadaa humna isa saamanirraa eeggamuu, hojiilee barumsaa, fayyummaafi nageenya isaarratti miidhaa dhaqqab siisanirratti akka hojjetu dirqisiisamuu dhabuu yookiin hojj echuurraa eegamuu;

(e) Manneen barnootaatti yookiin dhaabbatoota guddisa daa'immaniitti adaba hammeenyaafi farra namoomaa qaama irratti raawwatamurraa bilisa ta'uu;

2. Dhaabbattoota Mootummaatiin yookiin dhaabbattoota dhuunfaatiin, Manneen Murtiitiin, Abbootii Taayitaa Bulchiinsaatiin, yookiin qaamota seera baasaniin tarkaanfiiwwan Daa'imman ilaalatan yommuu fudhataman, nageenyummaan daa'immanii dursumaan itti yaadamuu qaba.
3. Dargagoonni badiirratti bobba'an, dhaabbattoota sirreessaa, yookiin deebisanii dhaabuutti argaman, gargaarsa Mootummaatiin kan gud datan, dhaabbata Mootummaa, yookiin dhuunfaa, kan daa'imman warri irraa du'an guddisuu keessatti argaman, namoota gurguddaarraa adda bahanii qabamuu qabu.
4. Sirna fuudhaafi heerumaan alatti ijoolleen dhalatan, fuudhaafi heerumarraa kan dhalatan wajjin, mirga wal qixa ta'e qabu.
5. Mootummaan, daa'imman warri irraa du'aniif, eegumsa addaa ni godhaaf. Dhaabbattoota, haala guddifachaan ittiin guddatan mijeessaniifi babal'isan, akkasumas nageenyaafi barnootasaanii adeemsisan akka hundeeffaman ni jajjabeessa.

## Keewwata 37

## Mirga Haqa Argachuu

1) Namni kamiyyuu, dhimma murtiidhaan murtaayuu qabu, mana murtiitti yookiin qaama biroo kan aangoon abbaa seerummaa seer aan kennameefitti dhiyeessuufi murtii argachuudhaaf mirga qaba.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ilaalame murteen yookiin Murtiin:-

(a) Waldaan kamiyyuu faayidaa gamtaa yookiin dhuunfaa miseensotasaa bakka bu'uudhaan,

(b) Gartuun yookiin namoota dantaa wal fakkaataa qaban namni bakka bu'u, yookiin miseensi gartuu kamiyyuu gaafachuufi argachuuf mirga qaba.

## Keewwata 38

## Mirga Filachuu fi Filatamuu

1. Lammiin Itiyoophiyaa kamiyyuu, bifaan, sanyiin, sabumman, sablamummaan, saalaan, qooqaan, amantiin, siyaasaan yookiin ilaalcha biraatiin yookiin eejjennoo biraa irratti kan hundaa'e, garaa garummaan otoo irratti hin taasifamiin, mirgoota kanatti aanan ni qabaata.

(a) Bakka bu'oota kallattiifi bilisaan filateen dhimma bulchiinsa uummataarratti hirmaachuu;

(b) Umriinsaa 18 yeroo guutu seeraatti filachuu,

(c) Sadarkaa Mootummaa kamittuu, filannoo yeroo yerootti adeemsisamutti filuufi filatamuu. Filannichi hunduma kan hammate, wal qixxummaa hundaarratti kan hundaa'ee fi akkaataa kennaa sagalee iccitiitiin walabummaa kan kennu ta'uu qaba.

2. Namni kamiyyuu dhaabbilee siyaasaa, waldaalee hojjettootaa, daldalaa, hojjechiistotaafi waldaalee ogummaa keessatti hirmaachuudhaaf, dhaabbichi kan gaafatu ulaagaa miseensummaa kan waliigalaafi addaa kan guutu yoo ta'e, fedhiisaatiin miseensa ta'uudhaaf mirgisaa kabajamaa ta'uu qaba.
3. Keewwata kan keewwata xiqqaa (2) jalatti dhaabbattoota ilaalaman keessatti filannoowwan iddoowwan itti gaafatamummaatiif adeemsisaman, karaa bilisaafi dimokraatawaa ta'een raawwatamu.
4. Keewwata kana keewwata xiqqaa 2fi 3 jalatti kan tumaman dantaa uummataa haala bal'ina qabuun kan tuqan hanga ta'etti dhaabbat toota uummataarrattis raawwatamaa ta'u.

## Keewwata 39

## Mirga Sabootaa, Sab-lammootaa, Uummatoota

1. Sabni, sab-lammiin, uummanni Itiyoophiyaa kamiyyuu mirgi hiree ofii ofiin murteeffaachuu hanga fottoquuttiin qabu bifa kamiinuu daangaa malee kan eegame dha.
2. Sabni, sab-lammiin, uummanni Itiyoophiyaa kamiyyuu mirga qooqa isaatiin dubbachuu, barreessuu, qooqa isaa guddisuu, fi aadaa isaa ibsuu, gabbifachuu fi babal'isuu akkasumas isaa kununsuu qaba.
3. Sabni, sab-lammiin, uummanii Itiyoophiyaa kamiyyuu ofiin of bulchuuf mirga guutuu qaba. Mirgi kun sabichi, sab-lammiichi, uummatichi mirga qubsuma lafa irra qubatetti kan ittin ofi bulchu Jaarmiyaalee Mootummaa hundeessuu, akkasumas buchiinsota Naannoo fi Feederalawaa keessatti bakka bu'iinsa madaalawaa argachuu of-keessatti hammata.
4. Mirgi sabaa, sab-lammootaa, uummattootaa hiree ofii ofiin murteeffachuu hanga fottoquutti kan hojii irraa oolu:-
   A. Gaaffii fottoquu Mana Maree seera baaftuu sabichaatiin sab-lammiichaatiin yookiin uummatichaan deeggarsa sagalee harka sadii keessaa lamaan fudhatama argachuun isaa yommuu mirkanaa'u,
   B. Mootummaa Feederalawaa Murteen Mana Marii sabichaa, sab-lammiichaa yookiin uummatichaa isa gahee yeroo waggaa sadii keessatti saba, sab-lammii yookiin uummata gaafateef murtee uummataa (Rifaradamii) yommu gurmeessu,
   C. Gaaffiin fottoquu kun murtee uummataa sagalee caalmaattiin yommu deeggaramuu,
   D. Mootummaan Feederalawaa mana marii saba, sab-lammii yookiin uummata foftoquu filatetti taayitaa isaa yommu dabarsu,
   E. Akkaataa seeraan murtaa'uun hiramuun qabeenya yommu taasifamuudha.
5. Heeraa kana keessatti "saba, sab-lammii, uummata" jechuun hawaasa haallan kanatti aanee ibsamaan mul'isudha. Aadaa bal'aa haala waliinii calaqqisisiu yookiin muuxxannoowwan walfakkaataa kan qabanu, qooqa waliinii ittiin waliigaluu danda'an kan qabanu, jireenya waliinii yookiin

walitti dhihaatu qabna jedhanii kan amanan, tokkummaa yaadaa kan qabanii fi bay'inaan qubsuma lafa wal qabate irra kan jiratanidha.

## Keewwata 40

## Mirga Qabeenyaa

1. Lammiin Itiyoophiyaa kamiyyuu abbaa qabeenyaa dhuunfaa isaa/ishee/ ta'uun isaa ni kabajamaaf. Mirgi kun, faayidaa uummataa eeguudhaaf haala biraatiin seeraan hanga hin murtaa'initti, mirga qabeenya qabachuufi itti fayyadamuu yookiin mirga namoota biroo hanga hin morminetti, mirgoota qabeenya gurguruu, dhaalaan yookiin karaa birootiin dabarsuu of keessaa ni qabaata.
2. Kaayyoo Keewwata kanaatiif "qabeenya dhuunfaa" jechuun; Lammiin Itiyoophiyaa kamiyyuu, yookiin waldaaleen lammii Itiyoophiyaa ta'anii, namummaan seeraan kennameef yookiin haala sirrii ta'een seeraa addaattiini hawaasa gamtaan abbootii qabeenyaa akka ta'an kan hayyamameef human isaaniitiin, dandeettii uumuu isaaniitiin yookiin kaappitaala isaaniitiin kan horatan bu'aa qabatamaa fi haala qabatamummaa osoo hin qabaatiin bu'aa gatii qaban dha.
3. Mirgi Abbummaa lafaa fi qabeenya uumamaa baadiyaas ta'e , magaalaa kan Mootummaa fi uumataa qofadha. Lafti kan hin gurguramne, hin geeddaramne qabeenya gamtaa saboota, sab-lammootaa fi uumattoota itiyoophiyaati.
4. Qotee bultoonni Itiyoophiyaa lafa tolaan argachuu fi lafa isaanii irraas akka hin buqqaane, mirgi isaanii kabajamaadha. Raawwannaa isaa ilaalchisee seerri tarreeffamee ni baha.
5. Horsiisee bulaan Itiyoophiyaa lafa dheechisaafis ta'e qonnaaf itti fayyadaman, tolaan argachuu, itti fayyadamuufi lafaa isaanii irraa akka hin buqqaane mirga qabu. Tarreeffamni raawwannaa isaas seeraan murtaa'a.
6. Abbummaan lafaa kan saboota,sab-lammootaa fi Uumattoota Itiyoophiyaa ta'uun akkuma eegameeti ta'ee, Mootummaan abbootii qabeenyaa dhuunfaatiif kaffaltii seeraan murtaa'uun mirga lafatti fayyadamuu isaanii ni kabachiisaaf. Tarreeffamni isaa seeraan murtaa'a.

7. Lammiin Itiyoophiyaa kamiyyuu humna ykn maallaqa isaatiin lafa isaa irratti qabeenya dhaabbii ijaarratuuf yookiin fooyya'ina dhaabbii taasisuuf mirga guutuu qaba. Mirgi kun gurguruu, geeddaruu, dhaalchisuu, fayyadamuun lafichaa ennaa addaan citu qabeenya isaa kaafachuu, abbummaa isaa dabarsu yookiin mirga kaffaltii beenyaa gaafachuu of keessaa qaba. Tarreeffamni raawwannaa isaa seeraan murtaa'a.
8. Mirgi abbummaa qabeenyaa dhuunfaa akkuma eegametti ta'ee. Mootummaan faayidaa ummataatiif barbaachisaa ta'ee ennaa argu beenyaa wal-madaalu dursee kaffaluudhaan qabeenya dhuunfaa fudhachuu ni danda'a.

## Keewwata 41

## Mirgoota Dinagdee, Hawaasummaa fi Aadaa

1. Lammiin Itiyoophiyaa kamiyyuu biyyattii keessatti sochii dinagdee kamiyyuu irratti bobba'uudhaa fi ittiin bulmaata isaatiif hojii filatee hojjechuudhaaf mirga qaba.
2. .Lammii Itiyoophiyaa hundinuu ittiin bulmaata, hojii fi ogummaa isaa filachuudhaaf mirga qaba.
3. Lammiiwwan Itiyoophiyaa hundi tajaajiloota hawaasummaa maallaqa Mootummaatiin geggeeffamanitti walqixxummaadhaan itti fayyadamuudhaaf mirga qabu.
4. Mootummaan tajaajiltoota fayyaa, barnootaa fi hawaasummaa kanneen biroos uummataaf dhiyeessuudhaaf qabeenya yeroo yerootti dabalaa deemuu ni ramada.
5. Mootummaan miidhamtoota qaamaa fi sammuu, maanguddootaa fi daa'imman warra yookiin guddistuu malee hafan dhaabuudhaa fi gargaaruudhaaf humni dinagdee biyyattii hanga hayyameen kunuunsaa ni godhaaf.
6. Mootummaan hojii dhabdootaa fi rakkattootaaf imaammata hojii uumuu dandeessisu ni hordofa. Akkasumas damee hojii adeemsisuu keessatti carraa

hojii uumuudhaaf sagantaalee hojii ni baasa, hojii pirojeektoota ni adeemsisa.

7. Mootummaan carraan hojii faayidaa qabeessa argachuu lammiiwwanii babal'ataa akka adeemu gochuudhaaf tarkaanfiiwwan barbaachisaa ni fudhata.
8. Qotee bultoonnii fi Horsiisee bultoonni Itiyoophiyaa jireenya yeroo yerootti fooya'aa deemu jiraachuuf kan isaan dandeessisuu fi bu'aa callaa isaaniitiif gatii gumaacha callaaf taasisaniin wajjin kan walgitu argachuudhaaf mirga qabu. Mootummaan imaammattoota dinagdee, hawaasummaa fi misoomaa ennaa karoorsu kaayyoo kanaan qajeelfamuu qaba.
9. Mootummaan hambaawwan aadaa fi seenaa kunuunsuu fi babal'ina aartii fi ispoortiif gumaacha gochuudhaaf itti gaafatamummaa qaba.

## **Keewwata 42**

## **Mirga Hojjettootaa**

1. (A) Hojjettoonni warshaa fi tajaajilaa, qotee bultoonni, hojjettoonni qonnaa, hojjettoonni baadiyaa kan biroo, hojjettoonni Mootummaa sadarkaa itti gaafatamummaa murtaa'ee gadi jiranii fi haalawwani hojii isaanii hayyamuuf haalan hojii fi dinadgee isaanii fooyyessuudhaaf waldaan gurmaa'uuf mirga qabu. Mirgi kun waldaalee hojjettotaa fi waldoolee biroos gurmeessuu, hojjechiistotaa fi Dhabbattoota biroo kan dantaa isaanii tuqan wajjin mari'achuu of keessa qaba
   B. Kutaaleen hojjettoota keewwata xiqqaa (a)n ilaalaman hojii dhaabuus dabalatee komii isaanii dhageessifachuuf mirga qabu.
   C. Mirgoota akkaataa keewwata xiqqaa (a) fi (b)n beekama argataniin hojjettoonni Mootummaa faayadamuu danda'an seeraan murta'a.
   D. Dubartoonni hojjettoota ta'an hojii wal fakkaataadhaaf kaffaltii wal fakkaataa argachuuf mirgi isaanii eegamaadha.
2. Hojjettoonni akkaataa sirrii ta'een kan murteeffaman sa'aatii hojii, boqonnaa yeroo bashannanaa, guyyoota boqonnaa yeroo yeroodhaan kaffaltii wajjin

kennaman, ayyaanota uummataa mindaan itti kaffalamu, akkasumas naannoo hojii fayya qabeessaa fi balaa hin geessifne argachuuf mirga qabu.

3. Mirgoota kana hojii irra oolchuudhaaf Seeronni bahan, akka keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tti mirgoota beekama argatan osoo hin hir'isiin akkaataa sirna gosti waldaalee hojjettootaa ibsaman ittiin hundeeffamanii fi waliin irratti mari'atan ni tumu.

## Keewwata 43

## Mirga Misooma

1. Uummattootni Itiyoophiyaa Walumaagalattis ta'e saboonni, sab -lammoonni uummattoonni Itiyoophiyaa keessa jiran mata mataatti haala jireenya isaanii fooyyessuu fi guddina wal irraa hin cinne argachuuf mirgi isaanii eegamadha.
2. Lammiiwwan misooma biyyoolessaa irratti hirmaachuu keessattuu imaammattootaa fi pirojektoota hawaasa isaan keessatti miseensa ta'an ilaalan irratti yaada isaanii akka kennan gaafatamuuf mirga qabu.
3. Waliigalteewwan mootummaan sadarkaa addunyaatti seenus ta'an walqunnamtiiwwan inni taasisu mirgi guddina Itiyoophiyaa addaan hin kunne kabachiisan ta'uu qaba.
4. Kaayyoon guddaan sochii misooma guddinaa fi fedhiiwwan bu'uuraa lammiiwwanii guutuu ta'a.

## Keewwata 44

## Mirga Nageenyaa Naannoo

1. Namoonni hundumtuu Naannoo qulqulluu fi fayyaa qabeessa ta'ee jiraachuuf mirga qabu.
2. Sababa sagantaawwan mootummaan adeemsisuun namoonni buqqa'an ykn jireenyi isaanii tuqame hundumtuu gargaarsa gahaa mootummaan kennuun naannoo biraatti jijjiiramanii qubachuu dabalatee, maallaqa yookiin filannoo biraa walgitaa ta'ee akka beenyaatti argachuuf mirga qabu.

## BOQONNAA AFUR

## CAASEFFAMA MOOTUMMAA

### Keewwata 45

### Sirna Mootummaa

Sirni Bulchiinsa Mootummaa Rippaabilika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa Sirna Paarlaamaati.

### Keewwata 46

### Naannolee Federaalawaa

1. Mootummaan Federaalawaa Naannoleedhaan kan caaseeffamedha.
2. Naannoleen kan caaseffaman qubannaa, qooqa, eenyummaa fi hayyama uummataa irratti hundaa'uudhaani dha.

### Keewwata 47

### Miseensa Mootummaa Federaalawaa

1. Miseensonni Rippabilika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa kanneen armaan gadiiti.

1. Naannoo Tigiraay
2. Naannoo Affaar
3. Naannoo Amaaraa
4. Naannoo Oromiyaa
5. Naannoo Sumaalee
6. Naannoo Beenishaangul Gumuz
7. Naannoo saboota sab-lammoota ummatoota kibbaa
8. Naannoo uummata Gaambeellaa fi
9. Naannoo ummata Hararii

2. Saboonni, sab-lammoonni, uummattoonni Naannoolee keewwata kana keewwata xiqqaa (1) n ibsaman keessatti ammataman yeroo kamiyyuu naannoo mata mataa isaanii hundeeffachuuf mirga qabu.
3. Mirgi naannoo mataa ofii hundeeffachuu saba, sab-lammii,uummata kamiyyuu hojii irra kan oolu:
   A. Gaaffiin naannoo hundeeffachuu kun mana marii sabichaa, sab-lammichaa yookiin ummatichaa sagalee harka sadii keessaa lamaan fudhatama argachuun isaa yommuu mirkanaa'uu fi gaaffichi barreeffamaan mana marii naannichaaf yommuu dhiyaatu,
   B. Manni Marii Naannoo gaaffichi dhiyaateef gaaffichi isa gahee yeroo waggaa tokko keessatti saba, sab-lammii fi ummata gaafateef murtee uummataa (Rifiraandamii) yemmuu gurmeessu.
   C. Gaaffiin naannoo hundeessu kun sagalee caalmaa murtee uummataa sabichaa, sab-lammichaa yookiin ummatichaan yommuu deeggaramu,
   D. Manni marii naannichaa aangoo isaa saba, sab-lammii ykn uummata gaafatetti yommuu dabarsu,
   E. Murtee uummataatiin naannoon haarawaan uumamu gaaffii dhiheessuun osoo hin barbaachisiin kallattiidhaan miseensa Rippaabilika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa yommuu ta'uudha.
4. Miseensonni Rippaabilika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa mirgaa fi Aangoo wal-qixxee qabu.

**Keewwata 48**

**Jijjiirraawwan Daangaa**

1. Daangaa Naannolee ilaalchisee gaaffiin kan ka'u yoo ta'e walta'iinsa Naannolee dhimmichi ilaaluutiin raawwatamaa. Naannoleen dhimmichi ilaalu walta'uu yoo dadhaban Manni Marii Federeeshinaa haala qubannaa fi fedhii uummataa irratti hundaa'uudhaan murteessa.
2. Dhimmi akka keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tti dhihaate yeroo waggaa lama hin caalle keessatti Mana Maree Federeeshinichaan murtiin dhumaa itti kennama.

## Keewwata 49

## Magaalaa Muummee

1. Magaalaan Muummee Mootummaa Federaalawaa Finfinneedha.
2. Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee aangoo guutuu ofiin of bulchuu qabaata. Tarreeffamni isaa seeraan murtaa'aa.
3. Itti waamamni Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Mootummaa Federaalawaaf ta'a.
4. Jiraattonni Magaalaa Finfinnee akkaataa Heera kanaan tumameen mana marii bakka bu'oota uummataa federaalawaa keessatti bakka ni bu'amu.
5. Naannoon Oromiyaa dhiheessii tajaajilaa yookiin haala itti fayyadama qabeenya uumamaa fi dhimmoota walfakkaataa waan ilaaluun, akkasumas Finfinneen giddu galeessa Naannoo Oromiyaatti argamuu irraa kan ka'an dhimmoota bulchiinsaa lamaanuu walitti hidhu ilaalchisee faayidaan addaa inni qabu eegamaaf. Tarreeffamni isaa seeraan murtaa'a.

## BOQONNAA SHAN

## CAASEEFFAMAA FI QOODAMA TAAYITAA

## Keewwata 50

## Waa'ee Caaseffama Qaamoota Taayitaa.

1. Rippaabilikni Dimookiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaa mootummaa Federaalawaa fi Naannoleedhaan kan caaseffamedha.
2. Mootummaan Federaalawaa fi Naannolee taayitaa seera tumuu, seera raawwachiisuu fi abbaa seerummaa qabu.
3. Qaamni taayitaa ol'aanaan Mootummaa Federaalawaa Mana Marii Bakka Bu'oota Uummata Mootummaa Federaalichaati. Itti waamamni isaas uummata biyyattiitiif dha. Qaamni taayitaa ol'aanaan naannoo Mana Marii naannichaati. Itti waamamni isaas uummata yookiin Naannoo isa bakka buuseefidha.

4. Naannooleen, sadarkaa Naannoo fi gulantaawwan bulchiinsaa barbaachisaa ta'ee isaanitti mul'ateen caaseffamu. Uummatichi gulantaawwan bulchiinsaa gaditti kallattiidhaan akka hirmaatu gulantaawwan gadiitiif taayitaa gahaan ni kennama.
5. Manni Marii Naannoo dhimmoota taayitaa Naannichaa jala ta'an irratti qaama seeraa tumtuu Naannichaati. Heera mootummaa kana bu'uura godhachuudhaan Heera Mootummaa Naannichaa ni qopheessa,ni raggaasa, ni fooyyessa.
6. Bulchiinsi Naannoo qaama seera raawwachiiftuu ol'aanaa Naannichaati.
7. Aangoon Abbaa Seerummaa Naannoo kan Manneen Murtii qofaadha.
8. Taayitaan Mootummaa Federaalawaa fi Naannolee Heera kanaan murtaa'eera. Taayitaan Mootummaa Federaalawaaf kenname Naannoleedhaan kabajamuu qaba. Taayitaan Naannoleef kenname Mootummaa Federaalawaan kabajamuu qaba.
9. Mootummaan Federaalawaa taayitaa fi hojiiwwan Heera kana keewwata 51 kennamaniif keessaa akka barbaachisummaa isaatti Naannoleedhaaf bakka bu'ummaadhaan kennuufii ni danda'a.

## Keewwata 51

## Aangoo fi Hojii Mootummaa Federaalawaa.

1. Heera kana ni eega, ni tiksa.
2. Imaammata, tarsiimoo fi karoora waliigalaa kan dinagdee, hawaasummaa fi misooma biyyattii ni baasa, ni raawwachiisa.
3. Ulaagaalee fi madaalliiwwan imaammata bu'uura biyyoolessaa kan fayyaa, barnoota, aadaa fi hambaa seenaa, saayinsii fi teeknooloojii ni baasa, ni raawwachiisa.
4. Imaammataa fi tarsiimoowwan faayinaansii maallaqaa fi invastimantii alaa biyyatti ni baasa ni raawwachiisa.
5. Akkaataa itti fayyadamaa fi eegumsa lafaa, qabeenya uumamaa fi hambaalee seenaa ilaalchisee seera ni baasa.

6. Humna ittisaa fi nageenya biyyaa fi uummataa, akkasumas humna poolisii Mootummaa Federaalawaa ni gurmeessa ni hoggana.
7. Baankii biyyoolessaa ni bulcha maallaqa maxxansa, ni liqeeffata, sharafa biyya alaa fi sochii maallaqaa ni to'ata. Haala Naannoleen burqaawwan biyya keessaa irraa itti liqeeffataniif seeraa fi qajeelfama ni baasa.
8. Imaammata qunnamtii biyya alaa ni murteessa, imaammatichas ni raawwachiisa; waliigalteewwan guutuu Addunyaa ni seena; ni raggaasa.
9. Geejjiba qilleensaa, baaburaa, galaanaa, tajaajiltoota poostaa fi telekoomunikeeshinii, akkasumas daandiiwwan Naannolee lamaa yookiin lamaa ol walqunnamsiisan babal'isa,ni bulcha, ni to'ata.
10. Aangoo maddawwan galii Mootummaa Federaalawaaf kennamaniittiin ashuuraa fi qaraxa ni murteessa, ni bulcha, baajata Mootummaa Federaalawaa ni wixina ni raggaasa, ni bulcha.
11. Akkaataa itti fayyadaman laggeeni fi haroowwan Naannolee lamaan yookiin lamaa ol ta'an walitti fidanii yookiin daangaa ce'anii ni murteessa, ni bulcha.
12. Walqunnamtii daldalaa Naannolee gidduutti taasifamuu fi daldala alaa hoggana, ni to'ata.
13. Dhaabbattoota tajaajilaa maallaqa Mootummaa Federaalawaatiin hundeeffamanii Naannoon tokko yookiin tokkoo ol haguugan ni bulcha ni babal'isa.
14. Boora'uun nageenyaa humna Naannoo ol ta'ee yemmu mudatu akka gaaffii bulchiinsa naannichaatti, humna ittisaa biyyaattii ni bobbaasa.
15. Mirgoota siyaasaa heera kanaan mirkana'aan raawwachiisuuf dhaabbattoota siyaasaa barbaachisaa ta'an akkasumas filannoo ilaalchisee seerota ni baasa.
16. Sadarkaa guutuu biyyaattis ta'e kutaalee biyyaattii murtaa'anitti labsii yeroo ariifachiisaa ni labsa, labsichaas ni kaasa.
17. Gaaffii lammummaa ni murteessa.
18. Dhimmoota Immigireeshinii, paaspoortii biyya keessa seenuu fi biyyaa bahuu waa'ee baqattootaa fi maxxantummaa siyaasaa ni murteessaa ni hoggana.
19. Mirgoota abbummaa waa uumuu fi barreessuu ni hayyama, ni eega.
20. Sadarkaalee madaallii fi lakkoofsa yeroo bifa tokkoo ni baasa.

21. Waa'ee qabannaa meeshaa waraanaa ilaalchisee seera ni baasa.

## Keewwata 52

## Aangoo fi Hojii Mootummaa Naannoo

1. Aangoon heera kanaan addaa fo'amee mootummaa Federaalawaaf yookiin Mootummaa Federaalawaa fi Naannoleef waliin ifatti hin kennamiin aangoo Naannoo ta'a.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1n kan ibsame akkuma eegametti ta'ee aangoo fi ga'een hojii Naannolee kan kanaa gadi ammata.
   A. Bulchiinsi Naannoo ofiin of bulchuu kaayyoo godhatee ni caasessa.
   B. Heeraa fi seerota Naannichaa kan biraa ni tuma, ni raawwachiisa.
   C. Tarsiimoo fi karoora imaammata dinagdee hawaasummaa fi misooma Naannichaa ni baasa, ni raawwachiisa.
   D. Akka seera Mootummaan Federaalawaa baasuutti lafaa fi qabeenya uumamaa ni bulcha.
   E. Daangaa madda galii Naannichaaf murteeffameen ashuuraa fi taaksii ni murteessaa, ni funaana, baajata Naannichaa ni baasa, ni raawwachiisa.
   F. Bulchiinsaa fi haallan hojii hojjettoota Bulchiinsa Naannichaa ilaalchisee seera ni tuma, ni raawwachiisa, ta'us madaalliiwwan barnootaa, leenjii fi muuxxannoo gulantaa hojii tokkoof barbaachisan madaalliiwwan waliigalaa biyyattii wajjiin kan walitti dhihaatu ta'uu isaanii mirkaneeffachuuf itti gaafatamummaa qaba.
   G. Humna poolisii Naannichaa ni gurmeessa, ni hoggana, nageenyaa fi tasgabbii Naannichaa ni eegsisa.

## BOQONNAA JAHA

## WAA'EE MANNEEN MARII MOOTUMMAA FEDERAALAWAA

### Keewwata 53

### Manneen Marii Mootummaa Federaalawaa

Mootummaan Federaalawaa Manneen Marii lama qabaata. Isaanis Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa fi Mana Marii Federeeshinaa.

## Kutaa Tokko

## Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa

### Keewwata 54

### Miseensota Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa.

1. Miseensonni Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa sirna hunda hammatu, bilisa, kallattii sirrii kan ta'ee fi sagalee iccitiidhaan itti laatamuun waggaa shan-shanitti ummataan filatamu.
2. Miseensonni Mana Marichaa Naannoo filannoo tokko keessatti dorgomtoota kan biroo gidduudhaa dorgomaan sagalee caalmaa argate sirna filannoo mo'ataa itti ta'uun filatamu. Sab-lammoonni fi ummattoonni xixiqqaan bakka bu'iinsa addaa isaan barbaachisa jedhamee itti amanaman filannoodhaan miseensa Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataa ta'u. Tarreeffamni isaa seeraan murteeffama.
3. Baay'inni miseensota Mana Marichaa heddummina uummataa fi baay'ina sab-lammootaanfi uummattoota xixiqqaa hubannoo addaatiin bakka bu'insi kennamuuf irratti hundaa'uun 500 kan hin caallee ta'ee kana keessaa sab-lammoonni xixiqqoon barcuma 20 gatii hin taane qabaatu. Tarreeffamni isaas seeraan tumama.
4. Miseensonni Mana Marichaa Bakka Bu'oota Uummata maraa ti. kan ajajamanis;

   A. Heera kanaaf

B. Uummataaf
C. Sammuu isaanii qofaaf ta'a.

5. Miseensonni Mana Marichaa kamiyyuu sababa sagalee yookiin yaada Marichaa keessatti kennuun hin himatamu. Tarkaanfiiwwan bulchiinsaas irratti hin fudhatamu.
6. Miseensi Mana Marichaa kamiyyuu utuu yakka cimaa raawwatu harka harkatti yoo qabame malee, hayyama Mana Marichaatiin ala hin to'atamu yakkaanis hin himatamu.
7. Miseensi Mana Marichaa kamiyyuu yeroo ummanni filatee amantaa irraa dhabetti akka seeraatiin miseensummaa Mana Marichaa irraa ni ka'a.

**<u>Keewwata 55</u>**

**<u>Aangoo fi Hojii Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataa.</u>**

1. Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa akka heera kanaatti, daangaa taayitaa Mootummaa Federaalawaaf kenname keessatti seerota ni tuma.
2. Tumaawwan waliigalaa keewwata kanaa keewwata xiqqaa (1)n ibsamee akkuma eegametti ta'ee, Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa dhimmoota kanaa gadii irratti seera tarreeffamaa ni baasa.
   A. Itti fayyadama lafaa fi qabeenya uumamaa akkasumas, lageenii fi haroowwan daangaa ce'anii ykn Naannoo tokkoo ol walitti fidanii waan ilaaluun,
   B. Sochii daldala Naannoolee gidduu jiraatu akkasumas, walqunnamtii daldala alaa waan ilaaluun,
   C. Tajaajiloota geejjiba qilleensaa, baaburaa fi galaanaa, tajaajila poostaa fi telekomunikeeshinii akkasumas daandiiwwan gurguddaa Naannolee lamaa yookiin lamaa ol walqunnamsiisan waan ilaaluun,
   D. Raawwannaa mirgoota siyaasaa heera kanaan tumamanii, akkasumas adeemsa filannoo waan ilaaluun,
   E. Dhimmoota mirga lammummaa, immigireeshinii, paaspoortii, gara biyya keessaa seenuu fi biyyaa bahuu, akkasumas dhimmoota baqattootaa fi maxxantummaa siyaasaa waan ilaaluun,

F. Sadarkaa safara hanga fi lakkoofsa yeroo bifa tokkoo waan ilaaluun,
G. Mirgoota abbummaa waa uumuu fi ogummaa aartii waan ilaaluun,
H. Qabannaa meeshaa waraanaa waan ilaaluun.

3. Seera dhimma hojjetaa ni baasa.
4. Seenaa daldalaa ni baasa.
5. Seera adaba yakkaa ni baasa. kun akka eegametti ta'ee, Naannoleen dhimmoota seera adaba yakkaa Mootummaa Federaalawaatiin ifatti hin haguugamiin irratti aangoo seera baasuu ni qabaatu.
6. Hawaasa diinagdee tokko uumuuf jecha Mootummaa Federaalawaatiin seerri bahuufiin dirqisiisaa ta'uu isaanii Mana Marii Federeeshinaan kanneen itti amanaman seerota hariiroo hawaasaa ni baasa.
7. Gurmaa'ina Humna ittisa biyyaa fi Uummataa, humna nageenyaa fi poolisii Mootummaa Federaalawaa ni murteessa. Qixa raawwannaa hojiitiin kan mul'atan mirgoota namumaa bu'uuraa lammiiwwanii fi dhimmoonni nageenya biyya tuqan yommuu mul'atan ni qulqulleessa, tarkaanfiwwan barbaachisaa akka fudhatamu ni taasisa.
8. Akkaataa keewwata 83n tumameen labsiin yeroo ariifachiisaa ni baasa, Labsii yeroo ariifachiisaa seera raawwachiiftuun baasu ilaalee ni murteessa.
9. Akka wixinee seeraa Manni Marii Ministeerota dhiheessuufitti labsii waraanaa ni labsa.
10. Imaammatootaa fi tarsiimoowwan waliigalaa, kan dinagdee hawaasummaa, misooma biyyattii imaammata faayinaansii fi maallaqaa ni raggaasa, maallaqa bulchiinsa baankii biyyoolessaa, sharafa biyya alaa fi waljijjiirraa ilaalchisee tarreeffama ni baasa.
11. Daangaa madda galii Mootummaa Federaalawaaf daangeffameen ashuuraa fi taaksiiwwan ni murteessa. Bajeeta Mootummaa Federaalawaa ni raggaasa.
12. Waliigalteewwan Addunyaa qaama seera raawwachiiftuun itti waliigalu ni raggaasa.
13. Muudama Abbootii seeraa manneen murtii Federaalawaa, miseensota mana marii ministeeroota, komishiineerota, odiiteera, muummichaa akkasumas qondaaltota kanneen biroo muudamni isaanii mana marichaan ragga'uu qabu ni raggaasa.

14. Komishina mirga namummaa ni hundeessaa, aangoo fi gahee hojii isaanii seeraan ni murteessa.
15. Jaarmiyaa Abbagaar ni hundeessaa, miseensota jaarmiyichaa gaggeessan inni fila, ni moggaasa. Aangoo fi Gahee hojii isaanii seeraan ni murteessa.
16. Naannoo kamitti iyyuu mirgoonni namummaa yommuu cabanii fi Naannichi gochicha hambisuu utuu hin danda'iin yommuu hafu, kaka'umsa mataa isaatiiii fi hayyama naannichaa malee tarkaanfiin malu akka fudhatamu walga'ii waliinii Mana Maree Federeeshinaa fi Mana Maree Bakka Bu'oota ummataaf gaaffii ni dhiheessa, akka murtee irra gahametti Mana Maree Naannichaaf qajeelfama ni kenna.
17. Manni Marichaa muummicha ministeeraa fi Abbootii taayitaa kanneen biroo Mootummaa Federaalawaa gaaffiidhaaf waamuu fi akkaataa hojii qaama hojii raawwachiiftuu qorachuuf aangoo ni qaba.
18. Aangoo qaama seera raawwachiiftuuf kenname kam irratti iyyuu miseensonni Mana Marichaa sagalee harka sadii keessa lamaan yommu gaafatan Manni Marichaa ni mari'ata. Manni Marichaa dhimmicha irratti mari'achuu fi tarkaanfii barbaachisaa ta'ee itti mul'ate fudhachuuf aangoo ni qaba.
19. Af- yaa'ii fi itti aanaa Ad-yaa'ii Mana Marichaa hogganan ni fila. Koreewwan dhaabbatoo fi kan yeroo hojii Mana Marichaaf barbaachisan ni caasessa.

## Keewwata 56

## Aangoo Siyaasaa

Dhaabni ykn dhaabbattoonni siyaasaa waliin kurfaa'anii Mana Marichaa keessatti barcuma caalmaa argate/argatan/ qaama seera raawwachiiftuu Mootummaa Federaalawaa ni gurmeessa/gurmeessu/, ni hoggana /hogganu/.

## Keewwata 57

## Waa'ee Ragga' insa Seeraa

Seerri Mana Marichaa mari'atee irratti waliigale pirezidaantii biyyattiitii mallattoodhaaf ni dhiyaata. Pirezidaantichi guyyoota kudha shan keessatti mallatteessa. Yoo pirezedaantiin guyyaa kudha shan keessatti mallatteessuu baate seerichi hojiirra oola.

## Keewwata 58

## Walga'ii fi Bara Hojii Mana Marichaa

1. Miseensota mana marichaa keessaa walakkaa ol yoo argaman yaa'ichi ni gaggeeffama.
2. Yeroon hojii Mana Marichaa guyyaa wixataa torbee dhuma ji'a Fulbaanaa irraa hanga waxabajjii soddomaattidha. Jidduuttis yeroo Manni Marichaa murteessuun boqonnaa ji'a tokko ni qabaata.
3. Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa kan filatamu waggoota shaniifi dha. Barri hojichaa utuu hin dhumiin ji'a tokko dura filannoo haarawaan adeemsifame xumurama.
4. Yeroo Manni Marichaa boqonnaa irra jirutti Af-yaa'iin Mana Marichaa walga'ii waamuu ni danda'a. Miseensota Mana Marichaa keessaa walakkaa ol akka walga'iin waamuu yoo gaafatan, Af-yaa'ichi walga'ii waamuuf dirqama qaba.
5. Walga'iiwwan Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa ifaan gaggeeffamu. Ta'us miseensota Mana Marichaa yookiin qaama hojii raawwachiiftuu Federaalawaatiin walga'iin Mana Marichaa cufatti akka gaggeeffamu yoo gaafatame fi miseensota keessaa walakkaa ol yoo deeggaran walga'iin cufaadhaan adeemsifamuu ni danda'a.

## Keewwata 59

## Murteewwanii fi Dambiiwwan Sirna Mana Marichaa

1. Heera kanaan ifatti addaan baafame yoo tumame malee, murtiiwwan kamiyyuu kan dabarfaman caalmaa sagalee miseensota Mana Marichaatiin dha.
2. Manni Marichaa akkaataa hoj-maata isaa fi sirna adeemsa seera ittiin baasu ilaalchisee danbiiwwan ni baasa.

## Keewwata 60

## Waa'ee Diigamuu Mana Marichaa

1. Muummichi miniisteeraa hayyama Mana Marichaatiin barri taayitaa Mana Marichaa dhumuu isaa dura filannoo haarawaa adeemsisuudhaaf Manni Marichaa akka diigamu gochuu ni danda'a.
2. Dhaabbattoonni siyaasaa waliin gurmaawaanii taayitaa Mootummaa qabatan, gurmaa'inni isaanii diigamee caalmaa Mana Marichaa keessatti qabachaa turan kan dhaban yoo ta'e, Manni Marii miniisteerotaa diigamee dhaabbattoota siyaasaa Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa keessa jiraniin Mootummaa gurmaawaa kan biraa yeroo torban tokko keessatti hundeessuun akka danda'amutti pireezidaantichi dhaabbattoota siyaasaa ni afeera. Dhaabbattoonni siyaasaa kun Mootummaa haarawaa uumuu yookiim gurmaa'ina tureen itti fufuu yoo dadhaban Manni Marichaa diigamee filannoo harawwaan ni taasifama.
3. Akka keewwata kana keewwata xiqqaa 1 yookiin 2tti Manni Marichi kan diigame yoo ta'e, yeroo ji'a ja'a hin caalle keessatti filannoo haarawaan taasifamuu qaba.
4. Filannichi xumuramee guyyoota soddoma keessatti Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa haaraan hojii isaa ni jalqaba.
5. Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa erga diigamee booda dhaabbanni siyaasaa yookiin dhaabbattoonni siyaasaa gurmaa'anii aangoo qabachuun biyyattii hogganaaa turan hojii Mootummaa guyyaa-guyyaa raawwachuu fi filannoo adeemsisuu irraa kan hafee labsiiwwan, danbiiwwanii fi tumaalee

haarawa baasuu yookiin seerota duraan jiran diiguu fi fooyyessuu hin danda'an.

## KUTAA LAMA

## MANA MAREE FEDEREESHINAA

### Keewwata 61

### Miseensota Mana Maree Federeeshinaa

1. Manni Marii Federeeshinaa. Manni Marii saboonni, sab-lammoonni, Uummattoonni Naannolee miseensa Mootummaa Federaalawaa ta'anii argaman kan itti bakka buufamani dha.
2. Tokkoo-tokkoon sabaa, sab-lammii, Uummata yoo xiqqaate bakka bu'aa tokko qabaata. Dabalataan uummanni. saba yookiin sab-lammichaa miliyoonni tokko bakka bu'aa tokko dabalataan ni qabaata.
3. Miseensonni Mana Maree Federeeshinaa Manneen Marii Naannootiin filatamu. Manni Marii Naannolee ofii isaaniitiin yookiin kallattiidhaan ummataan akka filataman taasisuudhaan miseensi Mana Marii Federeeshinaa akka bakka buufamu taasisu.

### Keewwata 62

### Aangoo fi Hojii Mana Marii Federeeshinaa

1. Manni Marichaa aangoo Heera kana hiikuu ni qabaata.
2. Gumii qulqulleessituu dhimmoota heeraa ni gurmeessa.
3. Mirga hiree ofii ofiin murteeffachuu hanga fottoqquutti ilaalchisuudhaan gaaffiiwwan sabootaa, sab-lammootaa, Ummattoota ka'an irratti akka heerichaatti Ni murteessa.
4. Heerichaan kan tumamee wal qixxummaan uummattootaa fi tokkummaan hayyama uummattootaa irratti hundaa'e akka cimuufi jabaatu ni taasisa.
5. Taayitaawwan Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa wajjin walitti kennamaniif ni raawwata.

6. Wal dhabiinsota Naannoolee gidduutti ka'aniif furmaata ni barbaada.
7. Naannolee fi Mootummaa Federaalawaaf qixxeedha jedhamanii galiiwwan ramadaman lamaanuu gidduutti kan ittiin qoqqoodaman, akkasumas shallaga Mootummaa Federaalawaa Naannoleef deeggarsa itti kennu murteessa.
8. Dhimmoota Sivilii yookiin hariiroo hawaasaa Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataatiin seerri bahuufii qaban addaan fo'a.
9. Naannoon kam iyyuu seeraa kana cabsuudhaan sirna heerichaa balaa irra kan buuse yoo ta'e Mootummaan Federaalawaa akka gidduu seenu ni ajaja.
10. Koreewwan Mana Marichaa dhaabbataa fi yeroo ni hundeessa.
11. Manni Marichaa Af-yaa'ii fi itti aanaa Af-yaa'ii ofii isaatii ni filata. Dambii raawwannaa hojii fi bulchiinsa keessaa kan ofii isaa ni baasa.

## Keewwata 63

## Mirga Miseensota Mana Marii Federeeshinaa

1. Miseensi Mana Marii Federeeshinaa kam iyyuu sababa yaada yookiin sagalee walga'ii Mana Marichaa kam irratti iyyuu kennuun hin himatamu, tarkaanfiin bulchiinsaas irratti hin fudhatamu.
2. Miseensi Mana Marii Federeeshinichaa kamiyyuu yakka ulfaataa utuu raawwatuu harkaa-harkatti yoo qabame malee hayyama Mana Marichaa malee hin to'atamu yakkaanis hin himatamu.

## Keewwata 64

## Murtiiwwanii fi Danbiiwwan Sirnaa Adeemsaa

1. Yaa'iin Mana Maree Federeeshinichaa kan geggeeffamu miseensota isaa harka sadii keessaa lama yoo argamaniidha. Murtiin kam iyyuu kan darbu sagalee miseensota Mana Marichaa walga'icha irratti argamanii gidduudha walakkaa oliin yommuu deeggaramu qofaadha.
2. Miseensonni sagalee kennuu kan danda'an yommuu qaamaan argaman qofaadha.

## Keewwata 65

## Waa'ee Baajeta

Manni Marii Federeeshinaa Baajeta isaa Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataatti dhiheessuun murteessisa.

## Keewwata 66

## Aangoo Af-yaa'ii Mana Marichaa

1. Af-yaa'iin Mana Marii Federeeshinichaa walga'iiwwan Mana Marichaa ni hoggana.
2. Mana Marichaa bakka bu'uudhaan hojiiwwan bulchiinsa hunda ni hoggana.
3. Tarkaanfii naamusaa Mana Marichaa miseensota isaa irratti murteessee ni raawwachiisa.

## Keewwata 67

## Walga'ii fi Bara Hojii

1. Manni Marii Federeeshinichaa yoo xiqqaate waggaatti yeroo lama wal ga'a.
2. Barri hojii Mana Marii Federeeshinichaa waggaa shan ta'a.

## Keewwata 68

## Manneen Marii Lamaanuu Keessatti Miseensa Ta'uun Kan Hin Danda'amne Ta'uu Isaa.

Namni tokko yeroo tokkotti miseensa Mana Marii Bakka Bu'oota uummataa fi Mana Marii Federeeshinii ta'uu hin danda'u.

# BOQONNAA TORBA

# WAA'EE PIREZIDAANTII RIPPAABILIKICHAA

## Keewwata 69

## Waa'ee Pirezidaantichaa

Pirezidaantichi Hayyu Duree Rippaabilika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itiyoophiyaati.

## Keewwata 70

## Moggaafama Pirezidaantichaa

1. Aangoon pirezidaantummaaf kaadhimamaa dhiheessuu kan Mana Marii Bakka Bu'oota uummataati.
2. Kaadhimamaan dhihaatee walga'ii waliinii Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa fi Mana Maree Federeeshinaa sagalee harka sadii keessaa lamaan yoo deeggarame pirezidaantii ta'a.
3. Miseensi Mana Marii pirezidaantii ta'ee yoo filatame, barcuma Mana Marii itti bakka buufame gadi lakkisa.
4. Barri hojii pirezidaantichaa waggaa ja'a ta'a. Namni tokko yeroo lama caalaa pirizedaantummaaf filatamuu hin danda'u.
5. Filannoon pirezidaantii Rippaabilikichaa akka keewwata kana keewwata xiqqaa 2tti erga ragga'ee booda, hojii isaa jalqabuun dura, hojii walga'iin waliinii murteessuu walga'ichaa fuulduratti amanamummaa heerichaa fi uummata Itiyoophiyaatiif qabu jechoota armaan gadiitiin ibsa.

Ani__________________guyyaa har'aa Pirezidaantii Rippaabilika Dimookiraatawaa Mootummaa Federaalawaa Itiyoophiyaa ta'uudhaan hojii koo yommuun jalqabuu, Itti gaafatamummaa guddaa na irratti gatame amanamummaadhaan raawwachuuf waadaan seena.

## Keewwata 71

## Aangoo fi Hojii Pirezidaantichaa

1. Walga'ii Mana Maree Bakka Bu'oota ummataa fi Mana Marii Federeeshinaa wagga-waggaan waliin adeemsisan ni bana.

2. Seerotaa fi waliigalteewwan Addunyaa Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa akka heeraa kanaatti raggaase Gaazexaa Nagaaritaan ni labsa.
3. Biyyoota alaatti Ambaasaaddarootaa fi ergamtoota kan biroo biyyattii bakka bu'an muummicha miniisteeraan yommuu dhihaatan ni muuda.
4. Xalayaa muudamaa Ambaasaaddarootaa fi ergamtoota biyya alaa ni fuudha.
5. Akka seeraatti Bishaanirraa fi badhaasoota ni kenna.
6. Yommuu muummichi miniisteera dhiheessuu akka seeraan murtaa'etti gonfa loltummaa ol'aanaa ni kenna.
7. Akka seeraatti dhiifama godha.

## BOQONNAA 8

## QAAMA SEERA RAAWWACHIIFTUU

### Keewwata 72

### Waa'ee Aangoo Raawwachiisummaa

1. Aangoon raawwachiisummaa Mootummaa Federaalawaa Itiyoophiyaa inni ol'aanaan kan kenname Muummicha Miniisteeraa fi Mana Marii Miniisteerootaatiif dha.
2. Mummichi Miniisteeraa fi Manni Marii Miniisteerotaa Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataaf itti waamamoo dha. Miseensonni Mana Marii miniisteerotaa murtii hojii Mootummaa isaaniitiin waliin kennaniif itti gaafatamummaa waliinii qabu.
3. Akka Heera kanaatti akkaataa biraatiin yoo murtaa'e malee barri hojii Muummicha Miniisteeraa bara hojii Mana Marii Bakka Bu'oota uummataa ti.

### Keewwata 73

### Moggaafama Muummicha Miniisteeraa

1. Muummichi Miniisteeraa miseensota Mana Marii Bakka Bu'oota uummataa gidduudha filatama.

2. Dhaabbanni siyaasaa yookiin dhaabbattoonni siyaasaa Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataatti barcuma caalmaa argate aangoo Mootummaa ni fudhata.

**Keewwata 74**

**Aangoo fi Hojii Muummicha Miniisteeraa**

1. Muummichi Miniisteeraa hayyu duree Bulchiinsa biyyatti. Walitti qabaa Mana Marii Miniisteerotaa fi Muummicha ajaja humnoota waraanaati.
2. Muummichi Miniisteeraa miseensota Mana Marii ministeeroota, miseensota Manneen Marii lamaanuu yookiin namoota kan biroo hojichaaf gahumsa qaban gidduudha Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataatti kaadhimummaadhaan dhiheessee mudama isaanii ni raggaasisa.
3. Seerota, imaammattoota, qajeelfamootaa fi murtiiwwan Manni Marii Bakka Bu'oota uummataa baase hojii irra ooluu isaanii ni hordofa, ni mirkaneessa.
4. Mana Marii miniisteerotaa ni hoggana, ni qindeessa, bakka bu'a.
5. Raawwatamummaa imaammattoota, danbiiwwan, qajeelfamootaa fi murtiiwwan Manni Marii miniisteeroota baase ni hordofa.
6. Imaammata biyyattii kan alaa ol'aantummaan ni raawwachiisa.
7. Komishiineerota, pirizedaantii fi itti aanaa pirezidaantii Mana Murtii Waliigala Federaalawaa fi Muummicha Odiiteera filee Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataatiin mudama isaanii raggaasisa.
8. Raawwannaa fi gahumsa hojii bulchiinsaa ni to'ata, tarkaanfiiwwan sirreessaa barbaachisaa ta'an ni fudhata.
9. Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 fi 7 jalatti kan tarreeffamaniin ala kan ta'an mudama siviilii Mootummaa ol'aanaa ni kenna.
10. Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa seera baasu yookiin murtii dabarsu irratti hundaa'uudhaan nishaanotaa fi badhaasota pirezidaantichaatii dhiheessee kennisiisa.
11. Waa'ee haala biyyattii hojiiwwan Mootummaadhaan raawwatamanii fi karoora gara fuulduraa Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataaf yeroo yerootti gabaasa ni dhiheessa.

12. Hojiiwwan kan biroo kanaa fi seerota birootiin kennamaniif ni hojjeta.
13. Heera kana ni kabaja, ni kabachiisa.

**Keewwata 75**

**Waa'ee Itti Aanaa Muummicha Miniisteeraa**

1. Itti aanaan Muummicha Miniisteeraa;
   A. Hojiiwwan muummicha miniisteeraatiin addaan fo'amanii kennamaniif ni raawwata.
   B. Yeroo Muummichi Miniisteeraa hin jirretti bakka bu'ee ni hojjeta.
2. Itti waamamni itti aanaa Muummicha Miniisteeraa Muummicha Miniisteeraaf ta'a.

**Keewwata 76**

**Mana Marii Miniisteerota**

1. Manni Manni Miniisteerootaa, Muummicha Miniisteeraa, Itti aanaa Muummicha Miniisteeraa, miniisteerotaa fi akkaataa seeraan murtaa'utti miseensonni biroo kan keessatti argamaniidha.
2. Itti waamamni mana marii ministeerotaa muummicha ministeeraafidha
3. Manni Marii miniisteerotaa murtii murteessuun Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataaf itti waamamaa dha.

**Keewwata 77**

**Angoo fi Hojii Mana Marii Miniisteerootaa**

1. Manni Marii Miniisteerootaa, Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataatiin seeroonni bahanii fi murtiiwwan kennaman hojiitti hiikamuu isaanii ni mirkaneessa, qajeelfamoota ni kenna.
2. Akkaataa gurmaa'ina miniisteerotaa fi qaamolee mootummaa biroo kallattiidhaan Mana Marii Miniisteerootaaf itti waamamoo ta'an ni murteessaanii ni qindeessa ni hoggana.

3. Baajeta waggaa Mootummaa Federaalawaa ni qopheessa, Mana Marii Bakka Bu'oota uummataatti ni dhiheessa, yommuu ragga'us hojii irra ooluu isaa mirkaneessa.
4. Hojii irra ooluu imaammataa maallaqaa fi faayinaansii ni mirkaneessa, Baankiin biyyoolessaa ni bulcha, maallaqa ni maxxansa biyya keessaa fi alaa liqeeffata, sharafa alaa fi jijjiirraa maallaqa ni to'ata.
5. Mirgoota kalaqaa fi aartii ni eegsisa.
6. Imaammattootaa fi tarsiimoowwan diinagdee hawaasummaa fi misoomaa ni karoorsa, ni raawwachiisa.
7. Sadarkaalee safaraa fi shallaga yeroo bifa tokkoo ni baasa.
8. Imaammata qunnamtii alaa biyyattii ni baasa, ni raawwachiisa.
9. Kabajamuu seeraa fi sirnaa ni mirkaneessa.
10. Labsii yeroo ariifachiisaa ni labsa daangaa yeroo heeraa kanaan tumame keessatti labsii yeroo ariifachiisaa labsame Mana Marii bakka bu'oota Uummataatti dhiheessee ni raggaasisa.
11. Dhimmoota waraanaa dabalatee dhimmoota kam irratti iyyuu wixinee seeraa Mana Marii Bakka Bu'oota uummataaf ni dhiheessa.
12. Hojiiwwan kan biroo Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa fi Muummicha miniisteeraan kennamaniif ni raawwata.
13. Bu'uura aangoo Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa kennuufiitiin Danbiiwwan ni baasa.

## BOQONNAA 9

## WAA'EE CAASEFFAMAA FI AANGOO MANNEEN MURTII

### keewwata 78

### Waa'ee Bilisummaa Qaama Sirna Murtii

1. Qaamni bilisummaa sirna murtii heeraa kanaan hundeeffamee jira.
2. Qaamni Abbaa seerummaa Mootummaa Federaalawaa inni ol'aanaan kan Mana Murtii Waliigalaa Federaalawaa ta'a. Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa barbaachisaa ta'ee yommuu argu sagalee harka sadii keessaa

lamaan Mana Murtii Ol'aanaas ta'ee Mana Murtii sadarkaa jalqabaa Federaalawaa guutummaa yookiin gar-tokkee biyyattiitti akka gurmaa'u murteessuu ni danda'a. Dhimmichi akkaataa kanaan yoo hin murtaa'in aangoon Manneen Murtii Ol'aanaa fi Manneen Murtii sadarkaa jalqabaa Federaalawaa Manneen Murtii Naannoleetiif kennamee jira.

3. Naannoleen, Manneen Murtii Waliigalaa Naannoo, Manneen Murtii Ol'aanaa Naannoo fi Manneen Murtii sadarkaa jalqabaa naannoo ni qabaatu. Tarreeffamni isaa seeraan murtaa'a.
4. Aangoon Abbaa Seerummaa Manneen Murtii Idilee yookiin jaarmiyaa seeraan aangoo Abbaa Seerummaa kennameefiin ala kan taasisu, sirna Abbaa Seerummaa seeraan tumamee kan hin hordofne Manni Murtii addaa yookiin Manni Murtii yeroo hin hundeeffamu.
5. Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa fi Manni Marii Naannoo akka keewwata 34 keewwata xiqqaa 5tti Manneen Murtii amantaa fi aadaa hundeessuu yookin beekama kennuufii ni danda'u. Manneen murtiitti amantaa fi aadaa ragga'uu heera kanaa dura Mootummaadhaan beekama argatanii itti hojjetamaa turan akka heera kanaatti beekama argatanii gurmaa'u.

## **Keewwata 79**

## **Aangoo Abbaa Seerummaa**

1. Mootummaa Federaalawaattis ta'ee kan Naannootti, aangoon Abbaa Seerummaa kan Manneen Murtii qofa dha.
2. Qaamni Abbaa Seerummaa sadarkaa kamiittu argamu, dhiibbaa qaama Mootummaa, abbaa taayitaas ta'ee kan biraa kamiyyuu irraa bilisa.
3. Abbootiin Seeraa hojii Abbaa Seerummaa isaanii bilisummaa guutuudhaan raawwatu. Seeraan malee waan biraatiin hin qajeelfaman.
4. Abbaan Seeraa kamiyyuu haalawwan kanaa gaditti ilaalamaniin yoo ta'e malee umuriin sooramaa seeraan murtaa'ee osoo hin gahin dura fedhii isaatiin alatti hojii Abbaa Seerummaa isaa irraa hin ka'u;

A. Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa akka seera naamusa Abbootii seeraatti, badii raawwateera yookiin dandeettii fi saffisni hojii isaa ifatti hir'ateera jedhee yommuu murteessu yookiin,
B. Sababa dhukkubaatiin hojii isaa haala sirriin raawwachuu hin danda'u jedhee yommuu murteessuu fi
C. Murteen gumichaa Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa yookiin Mana Marii Naannootiin sagalee walakkaa oliin yommuu raggaasifamu.

5. Yeroon sooroma bahuu Abbaa Seeraa kamiyyuu hin dheereffamu.
6. Manni Murtii waliigala Federaalawaa Baajeta qaama Abbaa Seerummaa Federaalichaa ittiin bulchu Mana Marii Bakka Bu'oota uummataatti dhiheessee murteessisa, yommuu hayyamamus baajeticha ni bulcha.
7. Baajenni qaamota Abbaa Seerummaa Naannoo Manneen Marii Naannoo isaaniitiin ramadama. Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa, Manneen Murtii Waliigalaa Naannoo fi Manneen Murtii Ol'aanaa Naannoo aangoo Abbaa Seerummaa Manneen Murtii Ol'aanaa fi sadarkaa jalqabaa Federaalawaa itti dabalatanii hojjetaniif baajeta bakka bu'uummaa ni kenna.

## Keewwata 80

## Dachummaa fi Aangoo Manneen Murtii

1. Manni Murtii Waliigalaa Federaalawaa dhimmoota Federaalawaa irratti aangoo Abbaa Seerummaa isa Ol'aanaa fi isa dhumaa qabaata.
2. Manni Murtii waliigalaa Naannoo dhimma naannoo isaa irratti aangoo Abbaa Seerummaa isa olaanaa fi isa dhumaa qabaata. Itti dabalees aangoo Abbaa Seerummaa Mana Murtii Ol'aanaa Federaalawaa ni qabaata.
3. Keewwata kana, keewwata xiqqaa 1 fi 2n kan ibsame jiraatus;

A. Manni Murtii Waliigalaa Federaalawaa Murtii dhumaa dogoggora seera bu'uura qabu kam iyyuu sirreessuuf aangoo dhaddacha ijibbaataa qabaata. Tarreeffamni isaa seeraan murtaa'a.
B. Manni Murtii Waliigalaa Naannoo dogoggora seera bu'uuraa ta'e kan qabu murtii dhumaa sirreessuuf dhimmoota Naannoo aangoo dhaddacha ijibbaataan ilaaluu ni qabaata. Tarreeffamni isaa seeraan ni murtaa'a.

4. Manni Murtii Ol'aanaa Naannoo aangoo Abbaa Seerummaa Naannoo isaatti qabaatu irratti dabalataan aangoo Abbaa Seerummaa Mana Murtii sadarkaa jalqabaa Federaalawaa qabaata.
5. Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Naannoo akka aangoo Abbaa Seerummaa Mana Murtii sadarkaa jalqabaa Federaalawaa qabuun kennu irratti ol-iyyanni dhihaatu Mana Murtii Waliigalaa Naannootiin ilaalama.
6. Murtii Manni Murtii Waliigalaa Naannoo aangoo Abbaa Seerummaa Federaalawaa qabuun kennuu irratti ol-iyyanni dhihaatu Mana Murtii Waliigalaa Federaalawaan ilaalama.

## Keewwata 81

## Akkaataa Mudama Abbootii Seeraa.

1. Pirezidaantii fi Itti aanaan pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa Federaalawaa muummicha Miniisteeraa Mootummaa Federaalawaan dhiheeffamanii Mana Marii Bakka Bu'oota uummataan muudamu.
2. Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Federaalawaa kan biroo waan ilaaluun kaadhimamtootni Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Federaalawaatiin dhihaatanii Muummichi Miniisteeraa Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataatti dhiheesse mudachiisa.
3. Pirezidaantii fi itti aanaan pirezidaantiin Mana Murtii waliigalaa Naannoo pirezidaantii Bulchiinsa Naannichaatiin dhihaatanii Mana Marii Naannichaan muudamu.
4. Abbootiin Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Mana Murtii Ol'aanaa Naannoo Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Naannichaatiin dhihaatanii Mana Marii Naannichaan muudamu. Gumiin bulchiinsa Abbootii Seeraa Naannichaa, muudama Abbootii Seeraa Mana Marii Naannoof osoo hin dhiheessin dura yaada Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Federaalawaa kaadhimamtoota sana irratti qabu gaafachuu fi yaada isaa kan ofii isaa wajjin wal qabsiisee Mana Marii Naannichaaf dhiheessuuf itti gaafatamummaa qaba. Bulchiinsi Abbootii Seeraa Federaalawaa ji'a sadii keessatti yaada isaa yoo dhiheessuu dhiise Manni Marii Naannichaa muudamicha ni raggaasa.

5. Abbootiin Seeraa Mana Murtii sadarkaa jalqabaa naannoo Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Naannichaatiin dhihaatanii Mana Marii Naannichaan muudamu.
6. Dhimmi naamusaa fi jijjiirraa Abbootii Seeraa sadarkaa kamittu argaman Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa dhimmi ilaaluun murteessama.

## Keewwata 82

## Akkaataa Caaseffama Gumii Qulqulleessituu Dhimmoota Heeraa.

1. Gumiin qulqulleessitu dhimmoota heeraa, heera kanaan hundeeffameera.
2. Gumiin qulqulleessituu dhimmoota heeraa miseensota kudha tokko qabaata. Miseensonni isaas kanneen kanaa gadii ti;
   A. Pirezidaantiin Mana Murtii Waliigalaa Federaalawaa walitti qabaa
   B. Itti aanaa pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa Federaalawaa itti aanaa walitti qabaa.
   C. Mana Marii bakka bu'oota ummataan dhihaatanii pirezidaantii Rippaabiliikichaan kan muudaman gahumsa ogummaa fi naamusa isaanii kan ragaa bahameef ogeessota seeraa ja'a.
   D. Manni Marii Federeeshinichaa miseensota isaa keessaa kan bakka buusu namoota sadii.
3. Caasaa si'aayina hojii Gumii calaltuu dhimmoota heeraa mirkaneessuuf dandeessisu diriirsuu ni danda'a.

## Keewwata 83

## Waa'ee Heericha Hiikuu

1. Falmiin dhimma Heeraa yommuu ka'u Mana Marii Federeeshinaa murtii argata.

2. Manni Maree Federeeshinaa dhimma heera gumiin calaltuu dhimmoota heeraa dhiyeessuuf irratti guyyoota soddoma keessatti murtii kenna.

**Keewwata 84**

**Angoo fi Hojii Gumii Qulqulleessituu Dhimmoota Heeraa**

1. Gumiin qulqulleessituu dhimmoota heeraa aangoo dhimmoota heeraa qulqulleessuu ni qabaata. Qulqulleessaa taasisuu irratti hundaa'ee heericha hiikuun barbaachisaa ta'ee ennaa argu dhimmicha irratti yaada murtii Mana Maree Federeeshinaaf ni dhiheessa.
2. Seeronni Mootummaa Federaalawaanis ta'e, qaamota seeraa baaftuu Naannootiin bahan heeraa kanaan wal fakkeessuu gaaffiin jedhu ennaa ka'u fi dhimmichis mana murtii ilaaluun yookiin abbaa dhimmaatiin yammuu dhihaatuuf qoratee murtii dhumaatiif Mana Marii Federeeshinaaf ni dhiheessa.
3. Manneen Murtiitiin gaaffiin hiikkaa Heeraa ennaa ka'u;
   A. Heericha hiikuun barbaachisaa ta'uu dhiisuu isaa yoo arge mana murtii dhimmicha ilaalutti deebisa. Abbaan dhimma murtii gumichaa komate, komee isaa Mana Marii Federeeshinaatti ol'iyyannoodhaan dhiheeffachuu ni danda'a.
   B. Gaaffiin hiikkaa jiraachuu isaa yoo itti amane hiikkaa heeraa dhimmicha irratti kennamu Mana Marii Federeeshinaatti murtii dhumaaf dhiheessa.
4. Wixinee naamusni ittiin qajeelfamu wixineessee Mana Marii Federeeshinaatti ni dhiyeessa, yommuu hayyamamus hojii irra ni oolcha.

**BOQONNAA 10**

**QAJEELFAMOOTAA FI KAAYYOOWWAN IMAAMMATA BIYYOOLESSAA.**

**Keewwata 85**

**Kaayyoowwan**

1. Qaamni Mootummaa kamiyyuu Heericha, seerota biroo fi imaammattoota yommuu hojii irra oolchuu qajeelfamootaa fi kaayyowwan boqonnaa kana keessatti ilaalaman irratti hundaa'uu qaba.
2. Boqonnaa kana keessatti "Mootummaa" jechuun akkuma haala isaatti Mootummaa Federaalawaa yookiin Bulchiinsa Naannolee jechuu ta'a.

**Keewwata 86**

**Qajeelfamoota Qunnamtii Alaa**

1. Imaammata qunnamtii alaa faayidaa ummattoota itoophiyaa eegsisuu fi birmadummaa biyyattii kabachiisu tarkaanfachiisuu,
2. Birmadummaa fi walqixxummaa Mootummoota kabajuu, dhimmoota biyyoota biroo keessa seenuu dhiisuu,
3. Imaammatni quunnamtii alaa biyyattii faayidaa waliinii fi walqixxummaa irratti kan hundaa'e ta'uu isaa akkasumas waliigalteewwan sadarkaa guutu u Addunyaatti taasifaman faayidaa Itiyoophiyaa kan kabachiisan ta'uu isaanii mirkaneessu,
4. Seerotaa fi waliigalteewwan guutuu addunyaa birmadummaa Itiyoophiyaa kabachiisanii fi faayidaa ummatoota ishee hin faalleessine kabajuu,
5. Biyyoota ollaa fi Biyyoota Afirikaa kan biroo wajjinis yeroodhaa yerootti guddachaa kan deemu gamtaa dinagdee fi obbolummaa ummatootaa cimsuu,
6. Walitti bu'iinsootni biyyoota gidduutti ka'an karaa nagaa ta'een akka hiikaman tattaaffii gochuu.

**Keewwata 87**

**Qajeelfamoota Ittisaa**

1. Raayyaan Ittisa Biyyatti hirmaannaa madaalawaa, saboota, sab-lammootaa fi ummattoota kan of keessaa qabu ta'a.

2. Ministeera ittisaa ta'ee kan mudamu siivilii ta'a.
3. Raayyaan ittisaa birmadummaa biyyattii eeguu irratti dabalataan, akka Heera kanaatti hojiiwwan labsii yeroo ariifachiisaadhaan kennamaniif ni raawwata.
4. Raayyaan Ittisaa yeroo kamittuu heerichaaf kan bitamu ta'a.
5. Raayyaan Ittisaa hojii isaa akkaataa gartummaa dhaabbattoota siyaasaa irraa bilisa ta'een hojjeta.

## Keewwata 88

## Kaayyoowwan Siyaasaa Ilaalan

1. Mootummaan qajeelfamoota dimookraasummaa irratti hundaa'uudhaan haala ummatichi sadarkaa hundattuu ittiin of bulchu mijeessuu qaba.
2. Mootummaan eenyummaa sabootaa, sab-lammootaa, Uummattootaa kabajuu fi kanuma irratti hundaa'ee gidduu isaanitti wal qixxummaa tokkummaa fi obboleeyyummaa jajjabeessuuf dirqama qaba.

## Keewwata 89

## Kaayyoowwan Diinagdee Ilaalan

1. Mootummaan karaa lammiin Itiyoophiyaa hundumtuu beekumsaa fi qabeenya biyyattii walitti kuufametti fayyadamaa akka ta'an qiyyaasuuf itti gaafatamummaa qaba.
2. Mootummaan lammii Itiyoophiyaa hundi dinagdee isaanii fooyyeeffachuudhaaf carraa wal qixxee akka qabaatan gochuu fi qabeenyi karaa haqa ta'een haala itti qoodamu mijeessuuf dirqama qaba.
3. Balaan namaan uumamuu fi kan uumamaa akka hin qaqqabne ittisuu fi yommuu balichi qaqqabus kan miidhameef gargaarsi yeroodhaan akka gahu gochuu.
4. Saboota, sab-lammootaa. Uummatoota guddinaan gara duubatti hafaniif Mootummaan deeggarsa addaa ni taasisa.

5. Mootummaan lafaa fi qabeenya uumamaa maqaa ummataatiin qabiyyee isaa gochuudhaan faayidaa fi guddina waliinii uummatichaatiif akka oolan gochuuf itti gaafatamummaa qaba.
6. Yommuu imaammatoonni fi sagantaawwan misooma biyyaa qophaa'an Mootummaan uummaticha sadarkaa sadarkaadhaan irratti hirmaachisuu qaba. Sochiiwwan misoomaa ummataas deeggaruu qaba.
7. Mootummaan sochii misooma dinagdee fi hawaasummaa biyya keessatti haala dubartoonni dhiiraan wal qixa itti hirmaatan mijeessuuf itti gaafatamummaa qaba.
8. Mootummaan fayyummaa, nageenyaa fi sadarkaa jireenya hojjetaa eeguudhaaf carraaquu qaba.

## Keewwata 90

## Kaayyoowwan Hawaasummaa Ilaalan

1. Humni biyyattii hanga hayyameen lammiin Itiyoophiyaa hundinuu wabummaa barumsaa, tajaajila fayyaa, bishaan qulqulluu, mana jireenyaa, nyaataa fi wabii hawaasummaa akka qabaatu ni taasifama.
2. Barnoonni qixaa kamiinuu dhiibbaawwan amantaa, ilaalchota siyaasaa fi aadaa irraa karaa bilisa ta'een adeemsisamuu qaba.

## Keewwata 91

## Kaayyoowwan Aadaa Ilaalan

1. Mootummaan aadaawwanii fi muuxannoowwan mirgoota bu'uuraa fi kabaja namummaa, dimookiraasii fi heerichaan hin faallessine walqixxummaa akka gabbatanii fi akka guddatan gargaaruuf itti gaafatamummaa qaba.
2. Qabeenya uumamaa fi hambaalee seenaa biyyaa eeguun dirqama Mootummaa fi lammii Itiyoophiyaa hundaa ti.
3. Mootummaan, hanga humni hayyameen, ogummaa aartii, saayinsii fi teekinooloojii babal'isuuf dirqama qaba.

## Keewwata 92

## kaayyoowwan Eegumsa Nageenya Naannoo

1. Mootummaan lammiin Itiyoophiyaa hundinuu Naannoo qulqulluu fi fayyaalessa akka qabaatu carraaquuf itti gaafatamummaa qaba.
2. Tarkaanfiin misooma dinagdee kamiyyuu nageenyummaa Naannichaa kan hin jeeqne ta'uu qaba.
3. Imaammatnii fi sagantaan nageenyummaa Naannoo uummata ilaalu yommuu karoorfamuu fi hojii irra oolu uummanni dhimmichi ilaaluu hundinuu yaada isaa akka ibsu taasisamuu qaba.
4. Mootummaa fi lammiiwwan naannawa isaanii kunuunsuuf dirqama qabu.

## BOQONNAA 11

## TUMAALEE ADDA ADDAA

## Keewwata 93

## Waa'ee Labsii Yeroo Ariifachiisaa

1. **a.** Weerarri alaa yommuu mudatu ykn haalli sirna heerichaa balaa irra buusu yommuu mul'atuu fi sirna seera kabachiisuu baratameen dhaabuun kan hin danda'amne yoo ta'e, balaan uumamaa kamiyyuu ennaa mudatu yookiin dhukkubni fayyummaa uummataa balaa irra buusu yommuu uumamu, Manni Marii Miniisteerota Mootummaa Federaalawaa aangoo labsii yeroo ariifachiisaa tumuu ni qaba.

**b.** Balaan uumamaa yommuu mudatu yookiin dhukkubbiin nageenya uummataa balaa irra buusu yommuu mul'atu Bulchiinsonni Naannolee labsii yeroo ariifachiisaa Naannoo isaaniitti labsuu ni danda'u. Tarreeffamni isaa, heera kana bu'uura godhachuudhaan heerota Naannoolee baafataniin murtaa.

2. Labsiin yeroo ariifachiisaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a)tti labsame;

   **A.** Yeroo Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa hojii irra jiru kan labsame yoo ta'e, labsamee sa'aatii afurtamii saddeet keessatti Mana Marii Bakka

Bu'oota Uummataa dhihaachuu qaba. Labsichi sagalee Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa harka sadii keessaa lamaan fudhatama yoo hin arganne ennaasuma haqama.

**B.** Armaan olitti keewwata xiqqaa 1(a) jalatti kan ibsame akka eegametti ta'ee, labsiin yeroo ariifachiisaa yommuu Manni Marii Bakka Bu'oota uummataa hojii irra hin jirre labsame, Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataaf dhihaachuun kan irra jiraatu labsamee guyyoota kudha shan keessatti dha.

3. Labsiin yeroo ariifachiisaa Mana Marii Ministeerotaatiin tumame erga Mana Marichaan fudhatama argatee booda kan turuu danda'u hanga ji'oota jahaatiidha. Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa sagalee harka sadii keessa lamaan labsii yeroo ariifachiisaa tokko ji'a afur afuriin irra deddeebi'amee akka haaromfamu gochuu ni danda'a.

4. **a.** Labsiin yeroo ariifachiisaa yommuu labsamu, Marii Ministeerotaa akkaataa dambiiwwan baasuutti aangoon nagaa fi jireenya biyyaa nageenya ummataa seeraa fi sirna kabachiisuu qabaata.

**b.** Aangoon Mana Marii Ministeerotaa dhimma labsii yeroo ariifachiisaa sana labsuuf sababa ta'e dhabamsiisuuf barbaachisaa ta'ee sadarkaa argameen mirgoota bu'uuraa siyaasaa fi dimookiraasii heerichaan kaa'amaan hanga dhorkutti gahuu kan danda'uu dha.

**c.** Manni Marii Miniisteerootaa labsii yeroo ariifachiisaa jalatti tumaalee inni baasu fi tarkaanfiiwwan inni fudhatu kamitti iyyuu mirgoota heeraa kanaa keewwata 1,18,25 fi 39 keewwata xiqqaa 1fi 2n kaa'aman kan daangessaan ta'uu hin danda'an.

5. Yommuu labsiin yeroo ariifachiisaa biyyattiitti labsamu Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa miseensota isaa fi ogeessota seeraa keessaa filee kan ramadu miseensota torba kan qabu Boordii qorataa raawwannaa yeroo ariifachiisaa ni hundeessa. Boordichi yommuu labsichi Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataan ragga'u hundeeffama.

6. Boordiin qorataa raawwannaa labsii yeroo ariifachiisaa aangoo fi itti gaafatamummaa kanaa gadii qaba;

A. Maqaa namoota sababa labsii yeroo ariifachiisaan hidhamanii yeroo ji'a tokko keessatti ifa taasisuu fi sababa ittiin hidhaman ibsuu,
B. Tarkaanfiiwwan wayitaa labsii yeroo ariifachiisaatti fudhataman qixa kamiin iyyuu farra namummaa akka hin ta'in to'achuu fi hordofuu,
C. Tarkaanfiiwwan yeroo ariifachiisaa kamiyyuu farra namummaa ta'uu yommuu itti amanu Muummicha Miniisteeraa yookiin Manni Marii Ministeerotaa tarkaanficha akka sirreessu yaada kennuu,
D. Tarkaanfiiwwan labsii yeroo ariifachiisaatiin gochaawwan farra namummaa kan raawwatamu hundi murtiif akka dhihaatan taasisuu,
E. Labsiin yeroo ariifachiisaa akka itti fufu Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataaf gaaffiin yommuu dhihaatu yaada qabu Mana Marichaaf dhiheessuu.

## Keewwata 94

## Baasii Faayinaansii Ilaalan

1. Mootummaan Federaalawaa fi Naannoleen itti gaafatamummaa fi hojiiwwan seeraan kennamaniif raawwachuuf baasii isaan barbaachisu karaa-karaa isaanii of danda'u. Ta'us Naannoon kamiyyuu hojii bakka bu'ummaan raawwatuuf baasii barbaachisu walta'iinsi kan biraan yoo jiraate malee garee bakka bu'ummaa sana kenneetu danda'a.
2. Mootummaan Federaalawaa guddina wal madaalaa Naannolee gufuu yoo ta'e malee gargaarsa yeroo ariifachiisaaf, deebisanii dhaabuu fi misooma babal'isuuf Naannoleef liqiis ta'ee, gargaarsa kennuu ni danda'a. Mootummaan Federaalawaa deeggarsa baasii Naannoleef barbaachisuuf taasisu waan ilaaluun odiitii fi to'annaa gochuuf aangoo ni qabaata.

## Keewwata 95

## Galii Faayinaansii Waan Ilaaluun

Qooddannaan galii Mootummaa Federaalawaa fi Naannolee gurmaa'ina Federaalawaa caaseffame haala hordofeen taasifama.

## Keewwata 96

## Aangoo Taaksii fi Galii Mootummaa Federaalawaa

1. Mootummaan Federaalawaa mi'oota bahanii fi galan irratti qaraxa, gumurukaa, taaksii fi kaffaltiiwwan kan biroo ni ramada, ni funaana.
2. Qaxaramtoota Mootummaa Federaalawaa fi dhaabbilee guutuu Addunyaa irratti gibira galii hojii ni ramada, ni funaana.
3. Dhaabbattoota misooma abbummaa Mootummaa Federaalawaa jala ta'an irratti gibira bu'aa daldalaa, gibira hojii fi taaksii gurguraa fi eksaayizii ni ramada ni funaana.
4. Galiiwwan Lootorii Biyyoolessaa fi yaalii carraa kan biroo irratti taasiin ramada ni funaana.
5. Galiiwwan geejjiba qilleensaa, baaburaa fi galaanaa irratti taaksii ni ramada, ni funaana.
6. Galii manneenii fi qabeenyota biroo abbummaa Mootummaa Federaalawaa jalatti argaman irratti gibira ni ramada, ni funaana.kiraa ni murteessaa.
7. Kaffaltiiwwan hayyamootaa fi tajaajiltoota qaamolee Mootummaa Federaalawaa kennan irraa maddan ni ramada, ni funaana.
8. Taaksii monooppoolii ni ramada, ni funaana.
9. Qaraxa gugura tembeeraa Federaalawaa ni ramada, ni funaana.

## Keewwata 97

## Aangoo Taaksii fi Gibiraa Bulchiinsota Naannoo

1. Naannoleen qacaramtootaa Bulchiinsaa fi dhaabbattoota Naannoo irratti gibira hojii ni ramada, ni funaanu.
2. Kaffaltii itti fayyadama lafaa ni ramada ni funaanu.
3. Qotee bultoota dhuunfaadhaan qotanii fi waldoota hojii gamtaan gurmaa'an irratti gibira galii hojii qonnaa ni ramada ni funaanu.
4. Daldaltoota dhuunfaa Naannichatti argaman irratti gibira bu'aa daldalaa fi taaksii gurgurtaa ni ramada ni funaanu.

5. Naannicha keessatti geejjiba bishaan irra taasifamu irraa galii argamu irratti gibira ni ramada ni funaanu.
6. Bulchiinsa Naannootti galii manneenii fi qabeenyota kan biroo abbummaa dhuunfaa jala jiran irraa argamu irratti gibira ni ramada, ni funaanu. Manneenii fi qabeenya kan biroo abbummaa isaanii jalatti argaman irratti kiraayii ni kaffalchiisu.
7. Dhaabbattoota misooma abbummaa Bulchiinsa Naannoo jalatti argaman irratti gibira bu'aa daldalaa fi hojii taaksii gurgurtaa fi eksaayizii ni ramada ni funaanu.
8. Keewwata 98 keewwata xiqqaa 3 kan ibsame akka eegametti ta'ee hojiiwwan albuudaa irratti gibira galii albuudaa, kaffaltiiwwan rooyaaliitii fi kiraa lafaa ni ramada ni funaanu.
9. Kaffaltiiwwan hayyamootaa fi tajaajiloota qaamota Bulchiinsa Naannoon kennaman irraa maddan ni murteessu, ni funaanu.
10. Kaffaltii rooyaaliitii bosona irraa argamu ni murteessu, ni funaanu,

## **Keewwata 98**

## **Aangoo Taaksii waliinii**

1. Mootummaan Federaalawaa fi Naannoleen dhaabbattoota misoomaa walii wajjin hundeessan irratti gibira bu'aa daldalaa, gibira hojii, taaksii gurgurtaa fi eksaayizii walii wajjin ni ramada, ni funaanu.
2. Bu'aa daldalaa dhaabbattootaa fi gahee bu'aa Abbootii Aksiyoonaa irratti gibiraa fi taaksii gurgurtaa walii wajjiin ni ramada ni funaanu.
3. Hojiiwwan albuudaa gurguddaa fi hojiiwwan peetirooliyeemii fi gaazii kam irratti iyyuu gibira galii fi kaffaltiiwwan rooyaaliitii walii wajjin ni ramada ni funaanu.

## Keewwata 99

## Waa'ee Aangoowwan Taaksii Addaan Foo'amanii Hin Kennaminii

Aangoowwan taaksii fi gibiraa ramaduu heeraa kanaan addaan foo'amanii hin kennamiin waan ilaaluun Manni Marii Federeeshinaa fi Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa walga'ii walii wajjiniin sagalee harka sadii keessaa lamaan ta'een murteessu.

## Keewwata 100

## Qajeelfamoota Akkaataa Taaksii fi Gibirri Itti Ramadamu.

1. Naannolee fi Mootummaan Federaalawaa taaksii fi gibira yommuu ramadan taaksii fi gibira gaafatamu madda isaa wajjin walqabatee fi sirnaan qoratamee kan murtaa'e ta'uu isaa mirkaneessuu qabu.
2. Qunnamtii gaarii jidduu isaanii jiraatu kan hin miinee fi tajaajila dhiyaatu wajjiin kan walgitu isaa mirkaneessuu qabu.
3. Dhaabbata bu'aaf dhaabbatee yoo ta'e malee Naannoleen qabeenya Mootummaa Federaalawaa irratti Mootummaan Federaalawaas qabeenya Naannolee irratti aangoo gibira yookiin qaraxa kaffalchiisuu hin qabaatan.

## Keewwata 101

## Odiitara Ol'aanaa

1. Odixalli olaanaa Muummicha Miniisteeraan dhihaatee Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataatiin muudama.
2. Odiiterri ol'aanaan Miniisteeraa herregoota Miniisteeraa fi manneen hojii kan biroo Federaalichaa to'achuudhaan baajetni waggaa Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataan ramadamee hojiiwwan bara baajetichaatti hojjetamaniif akka ta'utti ooluu isaa qoratee Mana Marichaaf gabaasa ni dhiheessa.
3. Oditerri ol'aanaan Baajeta mana hojii isaa kallattiidhaan Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataa dhiheessee raggaasisa. Tarreeffamni hojii odiitera ol'aanaa seeraan murtaa'a.

## Keewwata 102

## Boordii Filannoo

1. Naannoowwan filannoo Federaalawaa fi Naannoleetti filannoo bilisaa fi sirri ta'e gartummaa malee akka adeemsisuuf dhiibbaa kam irraa iyyuu bilisa kan ta'an Boordiin filannoo ni hundeeffama.
2. Miseensonni Boordichaa muummicha miniisteeraan dhiheeffamanii Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataatiin muudamu. Tarreeffamni isaa seeraan murtaa'a.

## Keewwata 103

## Komiishinaa Lakkoofsa Uummataa

1. Baay'ina Uummata biyyattii yeroo yeroodhaan kan qoratuu fi lakkoofsa kana adeemsisu komishiniin lakkoofsa Uummataa ni hundeeffama.
2. Miseensonni komishinichaa Muummicha Miniisteeraan dhiheeffamanii Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataatiin muudamu.
3. Komishinichi Muummicha barreessaa, ogeessota barbaachisanii fi hojjettoota deeggarsaa ni qabaata.
4. Baajenni waggaa komishinichaa kallattiidhaan Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataaf dhihaatee ragga'a.
5. Lakkoofsi Uummataa waggaa kudhan-kudhaniin adeemsifama. Bu'aa isaa irratti hundaa'uudhaan akkaataa Naannoowwan filannoon itti daangeffaman akka wixinee Boordii filannoo dhiheessutti Mana Marii Federeeshinaan murtaa'a.
6. Itti waamamni komishinichaa Mana Marii Bakka Bu'oota Uummataaf dha. Waa'ee raawwannaa hojii isaanii Mana Marichaaf yeroo yerootti gabaasa dhiheessa.

**Keewwata 104**

**Waa'ee Yaada Fooyyessuu Heeraa Maddisiisuu**

Yaadni fooyya'iinsa Heeraa tokko Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa sagalee harka sadii keessaa lamaan, Manni Marii Federeeshinichaa harka sadii keessaa lamaan yookiin Manni Marii Naannoolee miseensa Federeeshinichaa harka sadii keessaa tokko, sagalee caalmaadhaan kan deggaran yoo ta'e marii fi murtiidhaaf uummata hundaa fi kutaawwan fooyya'insi heerichaa ilaaluuf ni dhihaata.

**Keewwata 105**

**Waa'ee Heera Mootummaa Fooyyessuu.**

1. Mirgoonnii fi bilisummawwan Heera kanaan boqonnaa sadii keessatti tarreeffaman hundi, keewwanni kun akkasumas keewwanni 104 fooyya'uu kan danda'an akkaataa kanaa gadiin qofaan ta'a;
   A. Manneen Marii Naannoo hundi fooyya'iinsa dhihaatee sagalee caalmaan yommuu raggaasisan,
   B. Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa Mootummaa Federaalawaa sagalee harka sadii keessaa lamaan fooyya'iinsa dhihaate yommuu raggaasisuu, fi
   C. Manni Maree Federeeshinaa sagalee harka sadii keessaa lamaan fooyya'iinsa dhihaatee yommuu raggaasisudha.
2. Tumaaleen heerichaa keewwata kana keewwata xiqqaa 1n tarreeffamaniin ala jiran fooyya'uu kan danda'an akkaataa armaan gadii qofaan ta'a.
   A. Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa fi Manni Marii Federeeshinaa walga'ii waliiniin sagalee harka sadii keessaa lamaan fooyya'insa dhihaate yommuu raggaasanii fi

B. Manni Maree Naannolee miseensa Federeeshinichaa ta'an harka sadii keessaa lama sagalee caalmaatiin fooyya'insa dhihaate yommuu raggasani dha.

## Keewwata 106

## Waraabbii Seeraan Isa Dhumaa Qabuu

Waraabbiin Heera Mootummaa Afaan Amaaraa kun fudhatama seeraa isa dhumaa qabuudha.

## Mana Maree Federeeshinii RDFI

Gara Sooftii koppiitti kan Jijjiirre Abbaa Alangaa **Lalisaa Milkiyaas Tarrafaa**

Go/Qe/Wallaggaatti Abbaa Alangaa Aanaa Gidaamii

Email:-lalisamicky@gmail.com

Lakk. Bilila:-**+251910309501/0917150084**

Dalagaan kun Yaadannoo Abbaa Koo akka tasaa of biraa dhabee Obbo **Milkiyaas Tarrafaaf** naaf haa ta’uu.